

# **A Multisectoral Holistic Parents'/Caregivers' Support Package for ECD**

---

**ISKIRIIPHI TAPHA RAADIYOO GUDDISA DAA'IMA IRRATTI  
DANDEETTII WARRAA/KUNUUNSITOOTAA GABBISUUF  
QOPHAA'E**

Caamsaa, 2016

## Baafata

Galata .....	4
Seensa .....	5
Kallattii Waliigalaa .....	5
Kaayyoon ispoortii raadiyoo kanaa.....	6
Qopheessitoota ispootii raadiyoo .....	6
Qabiyyeewwan ispootota raadiyoo .....	7
Taatota .....	8
Kutaa Tokko- Fayyaa Daa'imanii Fi Sirna Nyaataa (Ispootii 1 - Ispootii 4tti).....	10
Kutaa Xiqqaa 1: Yeroo Barbaachisaatti Harka Dhiqachuu.....	10
Kutaa Xiqqaa 2: Barmaata Daa'iman Harma Hoosisuu Sirreessuu.....	14
Kutaa xiqqaa 3: Nyaata Daa'imanii Dabalataa .....	17
Kutaa Xiqqaa 4: Kunuunsa fayyaa daa'imanii kan tajaajila guutuu fi yeroo isaa eeggate of keessatti hammate.....	21
Kutaa Lama- Miirawan Daa'imanifiif Deebii Kennuu (Daa'iman Wajjiin Yeroo Gaarii Dabarsuu (Ispootii 5- Ispootii 7) .....	27
Kutaa Xiqqaa 5: - Mallattoolee Daa'imaaniif Deebii Kennuu.....	27
Kutaa Xiqqaa 6: -Qaamolee Miiraa Daa'imanii Kan Dadammaqsanii Fi Akka Itti Fayyadaman Haala Dandeessisu Uumuu.....	31
Kutaa Xiqqaa 7: - Walitti Dhufeenya Fi Waliigaltee Warra Fi Daa'ima Gidduu Jiraatu .....	39
Kutaa Sadii- Ijoollee Barnoota Idileen Duraan Cimsuu Irratti Qooda Maatii Fi Guddistootaa (Ispootii 8 - Ispootii 12).....	43
Kutaa Xiqqaa 8: - Ijolleetti Oduu Durii Fi Seenaa Itti Himuun Dandeettii Isaanii Guddisuu .....	43
Kutaa Xiqqaa 9: - Ijoollee Wajjiin Taphachuu .....	48
Kutaa Xiqqaa 10: - Daa'iman Wajjiin Marii Bilchaataa Fi Aadaa Waliin Dubbachuu Gabbisuu.....	52
Kutaa Xiqqaa 11: -Dubbisa Ijoollee Qajeelchuu Fi Hordofuu.....	57
Kutaa Afur- Nageenya Fi Eegumsaa Daa'imanii (Ispootii 12- Ispootii 14) .....	62
Kutaa Xiqqaa 12: - Daa'iman Midhaa Qaamaa Fi Miiraa Irraa Ittisuu .....	63
Kutaa Xiqqaa 13: - Daa'iman Bar-Maatilee Miidhaa Geessan Irraa Eeguu .....	69
Kutaa Xiqqaa 14: - Maatiin Hordoffii Daa'iman Isaanii Gabbisuu.....	72
Hordoffii Amala Daa'imanii (Ispootii 15- Ispootii 16) .....	79
Kutaa Xiqqaa 15: -Daa'iman Amala Gaariin Qaajeelchuu.....	79
Kutaa Xiqqaa 16: -Teeknooloojii Sirnaan Fayyadamuu- TV, Mobayila fi Koomputara.....	84

Kutaa Jaha- Ijoollee Fedhii Addaa Qabaniifi Ijoollee Dubartootaa (Ispootii 17- Ispootii 19).....	89
Kutaa Xiqqaa 17: - Yaada Dogoggora Warri Waa'ee Daa'imman Fedhii Addaa Qaban Irratti Qaban Hir'isuu .....	89
Kutaa Xiqqaa 18:- Daa'imman Fedhii Adda Qaban Fedhiwwan Isaanii Hubachuuni Fi Deebii Kennuu. ....	94
Kutaa Xiqqaa 19: - Dandeetti Daa'imman Dubraa Ijaaruu.....	98
Kutaa Torba- Fayyadamuumma Dinagdee Dubartoota (spoti 20 – 22).....	103
Kutaa Xiqqaa 20:- Qabeenya Waliinii Fi Galii Manaa Irratti Gahee Murtii Kennuu Dubartootaa Guddisuu.....	103
Kutaa xiqqaa 21:- Kunuunsa Daa'immaniirratti Qooda Abbaa/Dhiirotaa Guddisuu .....	109
Kutaa Xiqqaa 22: - Abbootii/ Guddistoota Irraa Gahee Eggamu Cimsuu. ....	112
Haadholiin Gargaarsa Firoottan Isaanii Dabalachuun Dandeettii Guddisa Daa'immanii Isaanii Haa Guddisnu(Ispoot 23- 24) .....	117
Kutaa Xiqqaa 23:- Warri ijoollee kunuunsuun fi itti gaafatamummaa hojii manaa keessaa bahuutiin warra isaanii, ollaa fi namoota naannawa isaanii akka fayyadan gargaaruu.....	117
Kutaa Xiqqaa 24: - Abbootii Amantii Dabalatee Hoggantoota Hawaasaa Hirmaachisuun Fayyaa Sammuu Haadholii Eeguu .....	123

## Galata

Qabiyyee leenjii warraa/guddistootaa kanaa qabiyyee isaa filachuun, barbaachisummaa fi sirrummaa qabiyyichaa qeqsisuun qulqullina isaa mirkaneessuu keessatti adeemsi dheeraan darbameera. Adeemsa kana keessatti dhaabbileen qooda fudhattoota adda addaa fi namoonni dhuunfaa hirmaataniiru. Ministeerri Barnootaa Federaalaa maqaa ofiitini fi Maqaa Waajjiraalee Ministeerota waahillaan lamaan birootiin maanuwaalii leenjii kana qopheessuu keessatti dhaabbilee fi namoota dhuunfaa gumaacha guddaa taasisaniif galata guddaa qaba. Hunda caalaa ammoo UNICEF Itoophiyaan deeggarsa maallaqaa fi teeknikaa taasiseef galata guddaa qaba. Sadarkaa Lammaffaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddu-gala Kunuunsa fi Barnoota Daa'immanii, Inistiitiyutii Barnoota, Fayyaa fi Misoomaa dhuufaa, itti gaafatamummaan isaa murtaa'e, qajeelfama leenjii warraa/guddistootaa kana qopheessuu keessatti deeggarsa ogummaa taasisaniif dinqisiifanna guddaa qabnaaf. Keessattuu, Prof. Balaay Tefera, Dr. Balaay Haagos, Dr. Faantaahuun Admaas, Obbo Fissahaa Takluu, Dr. Taaddasaa Jaalataa fi Dr. Yiggazuu Hayilee gama qajelcfama leenjichaa kan qopheessuun, gabbisuuni fi fooyyessun gumaacha ogummaa isaan taasisaniif galata dhiheessinaaf. Obbo Qixaaw Nugusee maanuwaalii leenjii kana gara iskiriiptii tapha raadiyootti jijiiruuf gumaacha ogummaa taasisaniif galata guddaa qabna. Kana malees, Obbo Fitsuum Abarraa hojji giraafiksii fi dizaayinii qulqullina olaanaadhaan hojjechuu isaaniif galata argachuu qabu.

Ministeera Barnootaa Federaalaa

# Seensa

## Kallattii Waliigalaa

Daa'imman kunuunsanii guddisuun hojii beekumsa guddaa gaafatuudha. Itti gaafatamummaan kunis ulfaataa fi walxaxaa dha. Fedhii jirenyaa bu'uuraa guutuu dabalatee, daa'imman eenyummaa fooyya'aa ta'e qabaatanii akka guddatan madaallii hundaanuu lammii gahumsa qabu oomishuu kan hammate hojii bal'aa dha. Ijoollee garaa guutuu fi haal-duree tokko malee jaallachuu gaafata. Waan miira shakkii uuman, nageenya akka hin qabne akka isaanitti dhaga'amu godhan, balaawwan sodaa miidhaa qaamaa fi miidhaa sammuuf saaxilan irraa eeguun itti gaafatamummaa warraa ykn guddifootaati. Ijoollee guddisuu fi kunuunsuun naannoo isaanii beekanii akka guddatan, barsiisuu, amala isaanii qajeelchuun ofitti amanamummaa kan qaban, of danda'anii kan dhaabbatan, kalaqaa fi hubannaan fooyya'aa kan ta'an, itti gaafatamummaan kan itti dhagahamu fi jaalala kennuu fi fudhachuu akka danda'an taasisuus gaafata.

Warri ykn guddistoonni itti gaafatamummaa ijoollee guddisuu sirnaan akka bahan beekumsas dandeettis qabaachuu qabu. Beekumsi kun warraa fi guddistootni karaa baratama ofii isaanii ittiin guddatan qofan daa'imman guddisuu kan hambisuudha. Haala kanarrraa ka'uun dandeettii isaanii gabbisuuf sadarkaa idil-addunyaatti hojiwwan adda addaa hojjetamaa jira. Gochi kun Itoophiyaa keessatti qaamota adda addaatiin hojiirra oolaa jira. Imaammata guddina daa'imummaan duraa fi barnootaa yeroo jalqabaaf fooyya'e keessatti guddina hunda galeessa fi barnoota daa'immanii mijeessuuf akka danda'amuuf qaamolee tumsaa dhimmi ilaallatu adda addaa waliin walta'iinsa uumuun hojjechuun akka barbaachisu eerameera. Carraa kana fayyadamuun UNICEF maneen hojii Ministeeraa sadan qooda fudhattoota ijoo ta'an waliin qindoomuun dhimmoota guddina ijoollummaan duraa irratti paakeejii barnootaa kallattii hedduu

qabu kan dandeettii warraa fi guddistootaa gabbisu akka qophaa' u taasiseera. Paakeejii kana keessaa tokko ispootii raadiyooti. Iskiriiptiin kun kan qophaa'efis kanuma tumsuufi.

## Kaayyoon ispoortii raadiyoo kanaa

Kaayyoon ispootiwwan kanaa dandeettii guddisa daa'immanii warraa fi guddiftootaa gabbisuun guddina waliigalaa daa'immanii kakaasuudha.

## Qopheessitoota ispootii raadiyoo

**Qophii iskiriiptii duraa:** - Duraan dursee yaadama fi bu'aawwan qorannoo fi qu'anno adda addaa kunuunsa fi guddina daa'immanii irratti taasifaman bu'uureffachuu hojiin ispoortiin raadiyoo adda baasuu qophaa'eera. Adda durummaan Yuunivarsiitii Finfinneetti wiirtuun Barnootaafi Kunuunsa Daa'immanii qorannoo kaayyoo kanaaf ta'u qorate ka'umsa ijoo ispootota kanaa ture. Gabaasni ogeeyyi giddugalichaatiin qophaa'e kun qophii iskiriiptii irraa kaasee hanga qabiyyee mijeessuu, jijiiruu, kutaawan yaadaa beekuun adda baasuuf faayidaa qaba ture. Akkasumas tokkoon tokkoon garaa garummaa bakkaa fi yeroo iskiriptichaatiin qabiyyeewan galchuufis hojii guddaa barbaada ture.

**Qophii iskiriiptii:** Qophii iskiriiptii keessatti Yuunivarsiitii Finfinneetti Ogeeyyi Giddugala Barnootaafi Kunuunsa Daa'imani waliin wal arguun hubannoo uumuu irraa kaasee qorannoowwan naannoo guddinaa fi kunuunsa daa'immanii irraati qorataman sakataaneera. Gabaasa kaayyoodhuma kanaaf yaadamee qophaa'e irratti hundaa'uun ilaalcha waliigalaa tokkoon tokkoon kutaa ispootticha keessa jiru, kutaalee hawaasaa yaaddaman, rakkolee jiranii fi barnoota furmaataa fi barmaata jijiiramuu qaban haala qabatamaa biyya keenyaa waliin walbira qabuun kiri'eetive biriifoota qophaa'e sakattaanera. Itti aansunis qaamolee tumsaa irratti argaman waltajji marii guyyoota sadif Magaalaa Adaamaa gaggeeffamee irraa galteewwan fudhatamaniiru. Saba-himaalee fayyadamuun Ispootota irratti marii hawaasa hirmaachise taasifneera; ogeeyyiin guddinafi barnoota daa'immaniis affeeroon gaaffii dhaggeeffattoota irraa dhiyaateef deebii akka kennan taasifameera. Kanaanis wixinee iskiriiptii

jalqabaa qopheessuun yaada ogeeyyii dhimmi ilaallatuuf dhiheessuun yaada yeroo hedduu walitti qabamee jira. Dhumarrattis, waltajjiin qaamoleen hundi irratti argamanfi mari'atanii yaada gummachan qophaa'ee yaadoota walitti qabuu fi itti fayyadamuun Ispootii diraamaa raadiyoo qopheessineerra.

**Hojiwwan pirodaakishinii:** Iskiriiptiin raadiyoo of eeggannoo addaatiin erga qophaa'ee booda, taatota akka umurii fi amala isaaniitti taphattoota bakka bu'anii taphatan barbaadanii argachuun; erga argamanii booda taatota qofa osoo hin taane kaayyoo taphichaa ilaalchisuun hubannoo akka qabaatan taasifneera. Keessattuu daa'imman barreefamicha keessatti hirmaatan filachuu irrtti hojii bal'aa gaafateera. Erga taatonni filataman booda kutaalee 24nuu jalqaba dhuunfaan, achiis taatota biroo isaan waliin hojjetan waliin shaakalaniiru. Miira sana daran fiduuf waraabbii shaakala taasisuun karaa waraabbii kanaanis qaawwa yoo qabaatan waraabbii ijoodhaaf akka qophaa'an taasifamaniiru. Taphicha ergaa ijoo waliin walitti fiduu akka danda'amuuf sagalees haala naannoo wajjiin walfakkessuu akka danda'amu galteewwan sagalee gara garaa (saawund iffektii) akka barbaachisummaa isaatti muusiqaaawanii fi iyidii ispoototaa fi muusiqaailee ceehumsaa qopheessuun hojiin hojjetameera.

Waraabbii waraabame hunda fi galteewwan sagalee waraabbii taasisuun; sagalee hundumaa akkaataa kurfii isaanitiin (kutaalee) keessa galchuun waraabbii iskiriiptichaa galtee sagalee waliin walitti makuun hojiin hojjetameera. Dhumarratti sagalee hunda bakka isaaniitti kaa'uun walitti makuun ispootiin raadiyoo isa dhuma qophaa'era.

## Qabiyyeewan ispootota raadiyoo

Isooptoonni walumaa galatti mata dureewwan ijoo saddeet kan qaban yoo ta'u, kutaalee xiqqaa 24n dhihaataniiru. Mata dureewwan ijoonis fayyaa daa'immanii fi sirna nyaataa, miira daa'immaniif deebii kennuu (daa'imman wajjiin yeroo gaarii dabarsuu), barnoota ijoollummaan duraa qajeelchuu irratti gahee warraa fi guddistootni qaban, nageenya fi eegumsa daa'immanii, daa'imman fedhii addaa qabaniifi daa'imman dubartootaa, Hirmaanna fi fayyadamuummaa diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa dubartootaa, gahee guddistootaa fi warraa gabbisuu, haadholiin gargaarsa firoottan isaanii naannoo isaanii jiran irraa argamun dabaluudhaan hariiroo

hawaasummaa warra/guddistootaa cimsuun fayyummaa sammuu isaanii cimsuu faadha. Mata dureewwan ijoo kana jalatti walumaa galatti ispootiwwan 24 sagaleedhaan kan qophaa'an yoo ta'u, barreeffamni ispootoota kanaa maxxansa kana keessatti argama.

## Taatota

Waraabbiin taatotaas dursa maatii akkam? Miseensa meeqa kan qaban kan jedhu taatotaan gadi fageenyaan madaaluu, dhugaarraa kan hin fagaanne, haala qabatamaa biyya keenyaa irratti kan bu'uureffate gochuuf tattaaffanneera. Haasaan taatotaa kaayyoo ijoo taphichaa sanaa wajjin akka walsimuu fi walmadaaluun akka nuffisiisa hin taaneef waan dandeenyu hunda gooneerra.

Fageenya dhugaa saayinsii fi haala guddisa ijoolee biyya keenyaa gidduu jiru hubachuun qophii barreeffamichaa, amalaa fi dubbii taatotaa irratti calaqqisuu waan qabuuf garee ogeessotaa yuunivarsiitii Finfinnee wajjiin marii fi dubbilee hubannoo cimsan walitti fufaa fi dheeraa gochuun nu barbaachiseera. Hawaasa bira yoo gahus yaada dhaggeeffataa (odiyaansii) fi dub deebii kan ergaa kennuu kan hammatu waan ta'uuf barnoota paakeejichaa biro wajjiin kan wal siman akka ta'an hojileen wal-hubannaahojjetameera. Taphichi kan dhihaatu dhaggeeffatanii hubachuuf qofa osoo hin taane mariwwan dabalataa kan hordofu ta'uu isaatiin dabalatee ergaan giddu galeessan warra ergichi darbuuf warraa fi guddifoota waliin dubbii jiraachuu maluuf akka tolu gochuun hojiin qophichaa bal'aa akka ta'u taasiseera. Walumaagalatti qabiyyichii akkasumas akkaataa ittiin barreeffamu ofeegganno guddaa fi ogeeyyi guddina fi guddisa daa'immanii fi qopheessitooni iskiriptichaa giddutti marii bal'aa taasifameera. Iskiriptiin taphichaa maxxansa kanaan argamu adeemsa kana keessa darbuuf kan qophaa'e yoo ta'u, karaa salphaan warra guddina daa'immanii saayinsaawaa ta'een walbarsiisuuf gumaacha guddaa akka qabu ni amanna.

Walumaa galatti Ispootiin daa'immanii kun taatota 21 kan qabu yoo ta'u, muraasini isaanii kutaalee irra caalaan keessatti, tokko tokko immoo kutaalee murtaa'an keessatti fi, isaan muraasnni immoo namoota birootiin kan ibsamaniidha. Haaluma kanaan, taatonni iskiripticha keessatti fi pirodaakshinii ispoortii ijoo keessatti argaman kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Aadde Obsee - Umriin waggaa 30 yoo taatu ijoollee dhiiraa lamaa fi dubaraa lama qabdi.
  - Waadaa - ji'a 6
  - Eebbaa - waggaa 3
  - Daraartuu - waggaa 5
  - Jiituu - Waggaa 7
- ❖ Obboo Dhaqqabaan umrii waggaa 32 dha. Abbaa ijoollee Afran kanaa fi abbaa warraa Obseetidha.
- ❖ Dureettiin Haadha Obsee fi Akkoo ijoollee isaaniiti. Amma isaan wajjiin jiru.
  
- ❖ Simaleen waggaa 33 dha. Ollaa Obsee fa'adhasi. Haadha ijoollee dubaraa 2 fi dhiira 2 ti. Qa'ee ishee keessa Saawwan (Loon) jiru. Aannan gurgurti/kireessiti. Ijoolleen ishees
  - Rabbirraa - ji'a 9
  - Caaltuu - waggaa 2
  - Kuulanii - waggaa 5
  - Ifaa - waggaa 7
- ❖ Obbo Galataan Abbaa warraa Askaale fi abbaa ijoollee afraniiti. Ogeessa hojii ijaarsaati. Umriin waggaa 39 dha.
- ❖ Aadde Boontuun Haadha Galataa fi Akkoo ijoollee isaaniiti.
- ❖ Obbo Muhammad baadiyyaa keessa jiraataa kan turanii fi boodarra qa'eerra kan buqqaafamaniidha. Aadde Boontuu Ollaa duraanii turan.
- ❖ Fatiyaan Shamarree waggaa 21ti fi dhiyeyena kan heerumtee yoo taatu ulfa ji'a 6ti. Ulfa ishee jalqabaatis.
- ❖ Nuriyaa - Ogeetti fayyaa (Narsii)
- ❖ Amartii: Ogeettii guddinaa fi kunuunsa daa'immanii
- ❖ Barsiisaa Tolaa
- ❖ Haaji Huseen:(barsiisaa tolaan kan ibsaman)

- ❖ Paastar Addunyaa: (barsiisaa tolaan kan ibsaman)

Kutaa Tokko- Fayyaa Daa'immanii Fi Sirna Nyaataa (Ispootii 1 - Ispootii 4tti)

Kutaa Xiqqaa 1: Yeroo Barbaachisaatti Harka Dhiqachuu

## Taatota

Haadha- Obsee

Waadaa- Daa'ima ji'a 6

Abbaa- Dhaqqabaa

Simalee- ollaa

## Seensa (Inistiruumentii)

(Boo'ichi ilma daa'ima ji'a 6 dhagahama; iffekti)

**Obsee :** ururuu ururuu ururuu bareedduu koo! Damma koo! Dhiisi kaa dhiisi kaa! amma sigahaa!  
(sosobaa)

**Dhaqqabaa:** Afachu dhiisi malee. Yerooma boohu hunda----- (rarraasee dhiisa).

**Obsee:** Mee kanallee ta'u naaf dhiisi (sagaleen boo'icha daa'ima ammallee ni dhaga'ama)  
Koottu mee qaali koo. Koottu sibaadhaa. (iffeekti sagalee balbala rurukutuu) .

**Obsee:** Deemi balbala kanas ta'u bani mee.

(Sagaleen balbala rurukutuu ammas ni dhagahama)

(Sagalee balballi banamu) .

**Simalee:** Akkam ooltan?

**Dhaqqabaa:** Akkam jirta Askaale?

**Obsee:** galata waaqaa, seeni Simalee.

**Simalee:** Daa'imni xiqqoon yeroo boo'u dhagahee haajedhuutii?

**Dhaqqaba:** Eeyyee jedhi!

(Sadan isaaniyyuu walitti kolfu)**Simalee:** Maal ta'eeti laata?

**Obsee:** Dr. qorannoo hin taasifne

(ammallee ni kolfu)

**Simalee:** (Kolfaa) ayii Obsee koo. Buuufata fayyaa sanitti---

**Obsee:** Har'a immoo maal si'iin jedhani? (haasaa ishee addaan kuttee).

**Simalee:** Harma hoosisuufi nyaata nyaachuun dura, kaakkaa daa'ima erga qulqulleessinee booda fi erga mana fincaanii fayyadamnee booda harka keenya dhiqachuu qabna jettee barsiisaa turtue.

**Obsee:** Simaleen, amma dhugaa yoo dubbanne haadholiin keenya akkanatti nu guddisanii?

**Simalee:** Yoo hin goone ta'ee dhukkubsachaatuma turre jechuudha. Kan du'an ni jiraatu. Nuti duraan yeroo daa'ima guddisnu gara buufatalee fayyaatti deddeebi'a turre. Daa'imni dhukkubsachaatuma guddatti jechaa.

**Dhaqqabaa:** Eeyyee, akkasitti itti naaf himi. Mucaan boo'e taanaan baatte oliif gadi jechuudha.

**Simalee:** Itti gaafatamummaa hundumaa isheef kennaa jirta jechuudhaa?

**Obsee:** Isas akkasitti itti naaf himi. Nuti wal-gargaaruu hin qabnuu?

**Simalee:** Mucaa guddisuun itti gaafatamummaa haadhaa fi abbaa ti. Qulqullinis walumaani!

**Obsee:** Sirrii dubbatte, qulqullinni daa'ima daa'ima jechaa deemurraa nama oolcha.

**Simalee:** Wan baay'ee tuttuquu dandeenya. Jarmiiwwan ykn baakteeriyyaa itti fiduu dandeenya. Harka keenya bishaanii fi saamunaan sirriitti dhiqachuu qabna jechaa turt.

**Dhaqqabaa:** (Kolfaa) eenu isheen akkas kan jette  
(hundumtuu ni kolfa)

**Obsee fi Simalee:** (jecha tokkoon) Narsittiidha kaa!  
(ammas waliin kolfu)

**Obsee:** Kan biraa yaa ta'u. Afachu garuu kaakkaan daa'imaa rakkoo qabaateetii?

**Simalee:** Siritti malee! Kaakkaa qulqulleessinee harka keenya yoo hin dhiqannee fi booda harkan harma keenya tuqnee hoosisnu yoo ta'e ijoollee keenya harkuma keenyaan dhukkubaaf kennina jechuudha.

**Obsee:** (Harma yoo baastu daa'imichi boo'uu itti fufa) Ayii wallaalummaa! Mee dhiqadhee haa dhufu! Obsi obsi abbaa koo, (isa sossobdi, suuta suuta jedhee callisa.) Kottu qaalii koo na dhiqachiisi mee

**Dhaqqabaa:** Tole haadhoo koo

**Simalee:** Kanaafis furmaanni jira jedhaniiru.

**Dhaqqabaa:** Eenu isaan! warra buufata fayyaatii?  
(hundi ni kolfu)

**Simalee:** hin qoosin malee **Dhaqqabaa.** Silaa aniifi ati mana dhiqanna boombaa wajjiin walqabate hin qabnu; Garuu isinis akka koo gochuu dandeessu.

**Obsee:** Dhugaa keeti. Jeerikaanii gara jalaatiin mismaaraan uruudhani fi bantuu mismaara itti tolchuun fayyadamuun danda'ama.

**Simalee:** Obsee gaanfureedha ati. Argitee, salphaatti ol kaatee dhiqachuu dandeessa. Hin dhibaahoftusi. **Dhaqqabaa** yeroo hin jirres hin yaaddoftu.

**Dhaqqabaa:** Hundaa keenyaayyuu fayyada malee.

**Simalee:** Qulqullina eeguun salphumatti osoo danda'amuu, daa'imman hedduun dhibee garaa kaasaa fi du'af saaxilamu.

**Obsee:** Mee dhiisi gahee waa'ee du'aa hin dubbatin.

**Simalee:** Waa'ee du'aa akka hin yaadne of eeggachuudha kaa!

**Obsee:** Baguma nutti himte haadhoo koo. Jedhi Ammummaaf qofa na dhiqachiisi.

**Dhaqqabaa:** Tole (ol ka'a) Si dhiqachiissee bakka dhiqanna qopheessa.

¬ **Ceesisa --**

(sagalee bishaan dhangala'u)

**Obsee:** Akkasi bareeddaa koo

**Dhaqqabaa:** Jedhi, saamunaadhaan keessa quba fi danaa harka keetii siritti sukkuumi!

(sagalee bishaan dhangala'u).

**-ceesiisa- /baak annawunsimantii/**

**Isin haadha daa'imaatii?! Egaan, harma hoosisuu fi daa'ima keessan nyaata nyaachisuun  
dura, akkasuma erga daa'ima qulqulleessitanii fi mana fincaanii fayyadamtanii booda  
harka keessan bishaan qulqulluu fi saamunaadhaan dhiqachuun fayyaa daa'ima keessanii  
eeggadhaa!!**

---

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi  
Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa  
maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani  
immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

---

## Kutaa Xiqqaa 2: Barmaata Daa'imman Harma Hoosisuu Sirreessuu

### Taatota

- Obsee
- Simalee
- Fatiyaa
- Narsii Nuuriyaa

### Seensa (Inistirumant) .

(Sagalee waca daandirraa iffektiin dhagahamu)

**Obsee:** Simalee tiyya baatertaa edaa.

**Simalee:** yaa abbaa koo durseen si'I eegaan ture bar. Umphaa (Waadaa dhungatti).

**Obsee:** Har'a Waadaan talaallii ji'a 6 qaba.

**Simalee:** Dhugaa dha. Ijoolleen yeroo isaanii eeganii yoo hin talaalchisin dhukkuboota gara garaaf saaxilamu.

**Obsee:** Rabbirraan ji'a sagal guuteera jechuudha mitii!

**Simalee:** Sirrii jette. Garuu Obsee koo, talaallii hundumaa osoo addaan hin kutin hordofnee talaalchisuu qabna.

(Sagalee miilaa, sagalee konkolaataa ni dhagahama)

**Obsee:** Har'a walumaan dhaggeeffanna. Sun Fatiyaadhaa mitii?

**Simalee:** Eeyyeen, ishuma dha.

**Obsee:** Ji'a meeqa taate jechuudha?

**Simalee:** Ji'a ja'affaa ishee natti fakkaate.

**Obsee:** Eeyyee, jala geessee jirti.

- Ceesisa -

(Sagaleen waca dubartoota buufata fayyaa ni dhagahama)

**Narsi Nuuriyaa:** Akkam orraafattan?

(Dubartoonni sagalee tokkoon) nagaa keenya galata isaa.

**Narsii Nuuriyaa:** har'aaf jalqaba warra ulfaa waliin haasofna.

- ceesisa -

**Narsii Nuriyaa:** Guyyaa hordoffii keessan eegdanii dhufuun keessan waan gaariidha.

Egaa asi keessa ji'a jalqabaa hanga ji'a 9tti kan taatan jirtu. Har'a waa'ee harma hoosisuu barachuuf jirra.

**Fatiyaa:** Baayyee gaarii dha narsii.

**Ogeessa Fayyaa:** Haadholiin akkuma deessaniin wanti durfamuu qabu maali? (turtii xiqoo booda) Tole Obsee

**Obsee:** silaa ciniinsuun jira. Iihhh.....Yaaddoonis ni jira. Narsii maal gochuu danda'ama?

**Ogeessa fayyaa:** sirriidha, dadhabbiin fi yaaddoon ni jira. Garuu sa'atii jalqabaa takkittiitti waan biraan baay'ee barbaachisaa ta'etu jira.

**Simalee:** Mucaa keenya jaalalaan hammanna.

**Ogeessa Fayyaa:** Dhugaadha daa'imman akkuma dhalataniin qaama keenya waliin wal tuquu qabu. Kun baay'ee barbaachisaa dha. Wanti biraan baay'ee faayidaa qabeessa ta'e daa'imman

sa'atii jalqabaaf harma hoosisuudha. Inni jalqabaa aannan harmaa haadha ykn sigli daa'imaa talaallii jechuudha. Dhukkuboota hedduu irraa isaan eega. marumaan daa'imichaa hojii uumamaa isaa akka gaariitti akka hojjetu gargaara. Garaacha isaas ni dhiqa. Hanga ji'a 6tti aannan harma haadhaa qofatu kennama.

**Fatiyaa:** Aannan harmaa haadhaatiin ala kan biraa yoo fudhatan hoo?

**Ogeessa fayyaa:** Harma haadhaatiin ala daa'immaniif waan tokkollee kenuun hin barbaachisu. Sa'atii jalqabaa keessatti harma haadha akka hodhu yoo taasifne dhukkuboota gara garaaf hin saaxilamu. Qaamolee qaamaa fayya qabeessa ta'uun hojii uummamaa isaanii akka raawwatan ni gargaara. Haadholii ifaadhaa mitii?

(Hundinuu altokkotti - eeyyee)

**Ogeessa fayyaa:** Wanti isiniif hin galle jiraa?

**Obsee:** Narsii, garuu aannan dursee bahu furdaadha garaachatti hin ulfaatu?

**Ogeessa Fayyaa:** Dhugaa dubbachuuf faallaa kanaati. Garaacha ni qulquelleessa. Daa'imman erga dhalatanii booda dafanii sa'atii tokko keessatti harma haadha isaanii argachuu qabu.

### **- ceesisa - /back announcement/**

**- Daa'imman akkuma dhalataniin aannan harma haadha isaanii akka argatan haa taasifnu. Hanga ji'a 6tti aannan harma haadha isaanii qofa akka argatan gochuun fayyaa isaanii haa eegnu!!!**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera  
Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u  
UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugali  
Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

## Kutaa xiqqaa 3: Nyaata Daa'imanii Dabalataa

### Taatota

- Obsee
- Obbo Dhaqqabaa
- Daa'ima Waadaa
- Aadde Dureettii

### Seensa (Inistrumant)

(Sagalee boo'ichaa daa'imanii- iffekt)

**Obsee:** Ani bade muchaa koo maal naaf wayya Dhaqqabaa?

Anaan qaalii too ururu ururu Haadha Waadaa...

Haati kee eessa deemtee. Agamsa guruu deemtee agamsii dheedhii qabaa....

Fidiitii dafii koottuu

(Sagaleen boo'icha ni hir'ata)

**Obsee:** Haadha Waadaa-----

**Dhaqqabaa:** (gara keessatii) Harma hin hoonee laata?

**Obsee:** Isas hodheera garuu hin quufne natti fakkaate.

**Dhaqqabaa:** (gara isaanitti dhiyaanne) eegaa irra deddeebi'ee sitti himeera.

Dhangala'aas jajjaboos akka gaariitti nyaachuu qabda.

**Obsee:** Ani qofti nyaachuun gahaadha jettee yaaddaa?

**Dhaqqabaa:** Ani gama kootiin siritti nyaachaa jira. Eenyutu kophaa kee qofa jedhe?

**Obsee:** (kolfaa) Qoosuu keetii amma! Kaleessaakkuma buufata fayyaatti nutti himametti.

**Dhaqqabaa:** Akkasi akkas kaa! Haati manaa koo sirna guddisa saayinsaawa naaf barachaa jirti

**Obsee:** Ati qoosi! Kanaarra daa'imman erga ji'a 6 guutanii booda nyaata dabalataa akka isaan barbaachisu natti himteera.

**Dhaqqabaa:** Kun waan gaarii dha.

**Obsee:** Roobiin ji'a 6 ta'eeraa mitiiree? Dirqama Nyaata dabalataa isa barbaachisa beekamaadha. Abba manaa, isinis egaa Roobiillee tarree baasii keessa galchaa jechumaafi.

**Dhaqqabaa:** Kanaafuu maaliif aannan hin kireeffannu? Inumaayyu maaliif Simalee irraa hin kireeffannu.

**Obsee:** inni qofti gahaa miti, soorta madaalawaa isa barbaachisa.

**Dhaqqabaa:** Gorsaa moo nyaatas dabalanii nuuf kennuu?

**Obsee:** (Kolfaa) Isaan Gorsa yoo nuuf kennan, nyaata ol waan daa'ima keenyaaf ta'u akka nuuf kennutti ilaala.

**Dhaqqabaa:** Kanaafuu maal haa nyaatu jedhan?

**Obsee:** Nyaata gosa midhaani sadii ykn afur irraa qophaahe guyyaa guyyaan kennamuufi qaba.

(Daa'imni ammallee boo'aa jira)

**Obsee:** Jabaadhu qaalii koo. Abbaa kee waliin amma waa'ee kee haasa'aa turre. leenca koo! bareedaa koo!

(Shushu Shushu----- Waadaan koo ... bareedaa koo----...) kunoo hanga nyaanni qophaa'utti harma hodhi!

**Dhaqqabaa:** Fayyaa keetii fi isaatifis gariidha jechuudja kaa!

**Obsee:** Akkasi, abbaa manaa koo! Mee ariifannee qarshiicha haa qopheessinu.

**Dhaqqabaa:** Nyaata gosa sadii ykn afur jette sunneen maalidhaa?

**Obsee:** Akkuma ogeettiin fayyaa nutti himete, bu'aawwan bineeldotaa kan akka aannan, foon, fi hanqaaquu fa'adha.

**Dhaqqabaa:** Tole?

**Obsee:** Midhaan dheedhii keessaa akka boqqolloo, misingaa, Hayisaa/ajja, ruuzii, baaqelaa fi kkf dha.

**Dhaqqabaa:** Kan Itti aanu 3ffaa

**Obsee:** (waliin kolfaa) callisii baradhu. Sana booda missiraa fi gosoota missiraati

**Dhaqqabaa:** Afraffaa

**Obsee:** Afraffaan, kuduraalee fi muduraalee jechuudha.

**Dhaqqabaa:** Akkasi Obsee koo ati cimtuudhaa bari. Garuu yaadannoo qabateeti moo qoma keetiini?

**Obsee:** Dhiisi malee abbaa manaa koo kun dhimma daa'imaati bar. Ilaa gosa dheedhiiwanii fi missirootaa keessaa haala madaalameen bulluqaaf akka tahutti qopheessuun danda'ama.

**Dhaqqabaa:** Kanneen hafan hoo?

**Obsee:** kan hafulleen humna keenya kan ittiin sakattaanudha. Aannanii fi bu'aalee beeyladaa biroo akka barbaachisummaa isaattiaanna kireeffachuun, akka barbaachisummaa isaatti foon jaji'uun erga goggogee booda bilcheessuun nyaata keessatti xinneessani kennuufidha. Akka shorbaa qallisanii osoo hin taane siritti furdisanii kennuufin barbaachisaa akka ta'e nutti himaniiru. Bineeldootarra bu'aa isaanii akka argatu aannan daffisanii walmakuun akka barbaachisu baradhera. Raafuu, dinnichaa, kaarotaa fi kuduraalee biroos bilcheessuun nyaachuun, fuduraalees nyaachuun ni barbaachisa.

**Dhaqqabaa:** Baayyee gaarii.

**Obsee:** Umrii isaanii madaaluun si'a 3 hanga 4 yoo nyaachifame aannan harmaa koos dabalata isaaf ta'ee rakkoo tokko malee guddata.

**Dhaqqabaa:** Ati ajaa'ibuma haadha manaa koo!

(iffekti bilbila bilbiluu)

**Dhaqqabaa:** Yeroon deemeera natti fakkaata. Iddoo hojidhaati. Jedhi nagaatti ooli

**Obsee:** Nagaatti naaf ooli.

(wal dhungatu).

**Dhaqqabaa:** (umphaa) jedha. Kun ilma kootiif.

(walitti kolfanii).

### **Ceesisa - /baak annaawunsimentii/**

**Daa'imman erga dhalatanii ji'a 6 irraa jalqabee nyaata madaalawa  
dabalataan akka argatan haa taasifnu!! Bu'aawwan loonii, midhaan dheedhii,  
kuduraalee fi muduraalee naannoo keenyatti salphaatti argamuu irraa nyaata  
qophaa'u guyyaatti al sadii hanga afuriitti daa'ima keessan nyaachisaa!!!**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera Barnootaa, Ministeera  
Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u  
UNICEF Deeggarsa Maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli  
Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo Deeggarsa Oggummaan  
Hirmaatera.**

**Kutaa Xiqqaa 4: Kunuunsa fayyaa daa'immanii kan tajaajila guutuu fi yeroo isaa  
eeggate of keessatti hammate**

#### **Taatota**

- Simalee
- Galataa
- Boontuu
- Muhaammad

**Seensa (inistirument).**

(boo'icha mucaa daa'imaa cimaa)

**Simalee:** Ilma koo anaan! Anaan haadha kee. Wayyoo raajiin ta'e! haadhoo koo mee uffata fincaanii san naaf kenni.

**Simalee:** afachu nijijiira fi haa Callisuu. Naaf koottu mee abbaa koo (isa qabatee raffisee) (boo'aa jira) Eyyee akkasitti rafi. Mee si'irraa haa baasuu. Eyyee. Maaloo! Maaloo! Yaa waaqa koo!? Mucaa kana dhukkubni garaa kaasaa qabate. (iyyi hin dhaabbanne)

(Sagalee balbala rukutamuu)

**Askaale:** Galataa tahuu hin oolu haadha koo.

(iffektii sagalee balbala banamuu fi cufuu) .

**Galataa:** Akkam ooltaan? Maali ta'ee boo'aa? Alatti hunda dhaga'ama bar!

**Muhaammad:** akkam jirtu warra manaa?

**Bontuu:** Akkam ooltan? Muhaammad akkam jirta?

**Simalee:** Akkam ooltan? mee taa'aa. Dhukkuba garaa kaasaa qabuu hin oolu.

**Galataa:** Akka ofeeggannoo keetiin garaan kaasaa yooqabate (rarraasii dhiise).

**Simalee:** Kaakkaan isaa baayyee qallaadha. Sanuu irra hin dhaabbanne. Kan iyyuufis garaan isaa dhukkubuu hin oolu.

**Bontuu:** Obboleessa kiyya Muhaammad osoo dhufee sin hin ilaalin.

**Muhaammad:** bakkichis yoom namatti tola jetteeti Boontuu? Ijoolleen nagaa qabu mitiiree?

**Boontuu:** Isaan gaarii dha. Ulmaan hoo nagaa qabdii? Daa'imti haaraan hoo akami?

**Muhaammad:** Ayii Boontuu koo! Ulmaa ciisanii buqqa'aa ta'uun?! Mee na dhiisi. Ijoolleen jiru. Barnooni hin jiru. Homtu hin jiru.

**Simalee:** Rakkoon keenya yoom dhumata laata? Garuu daa'imti talaallii hordofaa jiraa?

**Muhaammad:** Hanga ammaatti, eeyyee fudhachaa jira. Kan itti aanu waaqatu beeka.

**Simalee:** Garuu talaallii hundumaa fudhachuun barbaachisaadha. Yoo addaan kute ykn irra darbe rakkoo qaba.

(Iyyi daa'imaa itti fufeera.)

**Muhaammad:** Maaltu wayya, boo'aa jiraa mitii?

**Galataa:** Yookiin gara wal'aansaatti geessinuu laata?

**Simalee:** (anaan abbaa koo!) (amma amma boo'a) Ho'a qaamaa illee hin qabu. Garuu boo'ichas hindhaabu.

**Simalee:** talaallis dhiheenya kana fudhate.

**Boontuu:** Baala sana cuunfinee kenniuufii laata jechaanii jira. mucaa koo ammayyoomera jettee kunoo dhumni isaa fagaateera.

**Simalee:** Sitti himee hin turree! Ajaja haakimootaan malee ijolleef homaayyuu akka hin kennamne.

**Galataa:** Harmee, innillee dhugaadha. Kanaafuu maaltu wayya?

**Simalee:** Waaree booda innuu 3ffaadha. Eegaa mee ORS isaaf qopheessa.

**Galataa:** Siifan fida. Soogidda, sukkaara akkasumas bishaan qulqulluudha mitiiree?

**Simalee:** Eeyyee (obsi abbaa koo) (boo'aa jira).

(sagaleen kootee ni dhagahama)

**Galataa:** Kunoo! --- Bishaan liitira tokko mitii?

**Simalee:** Eeyyeni. Faldhanicha mee natti agarsiisi? Eyyeni faldhaana shaayiiti

**Galataa:** Sukkaarri meeqa?

**Simalee:** Sukkaara faldhaana jaha. (sagalee qilisaa) afachu afachu irgarratti godhi. Ee.... eeyyee!

**Galataa:** Kunoo sukkaara faldhaana ja'a!

**Simalee:** Ergasii immoo Soogidda walakkaa faldhaanaa itti dabali!

**Galataa:** Kunoo waliin yaa gahuu mitii?

**Simalee:** Tole. Baay'ee gaariidha. Naaf kenni mee. Suuta jedheen obaasaa (irraa fuuti) hoodhu qaalii koo. Akkasi ganfuree koo.

**Galataa:** Ayi haadha manaa koo atuu ogeessa fayyaa taatee mitii.

**Simalee:** Nuti ogeessota fayyaa jalqabaati. Yoo itti hin fooyyofne ta'e fuunee haa deemnu

**Galataa:** Garaa kaasaan asitti ni yaalama jechuudha.

**Simalee:** Lakki. Garaa kaasaa dhiigaa makate yoo ta'e hatattamaan waldhaansa argachuu qaba. Argitee kun hin qabu. Hafuura baafachuun yoo rakkate, yoo qufaa itti fufiinsa qabu ta'e daddaffiin fidaa jedhaniiru.

**Galataa:** Talaallii fudhachuun tarii fayyaduu hin oolu.

**Simalee:** Talaallii hundumaa addaan hin Kunne. Galata isaa. Ogeessonni fayyaa yeroo sitti himan baay'ee nama gaddisiisa. Ijoolleen hedduun dhukkuba garaa kaasaa qofaan du'u.

**Galataa:** Atin garuu guyyaa beellemaa sana akkamitti yaadatta?

**Simalee:** Kan koo dhiisi. Tokko tokko ji'icha yeroo sassaabbii midhaanii, yeroo haamaa, yeroo ayyaana ykn waan biraatiin mallattoo godhatu. Guyyicha immoo Tsiwwaan itti dhugamu, ayyaanota ji'a ykn haala birootiin guyyicha qabatu. Namoota baratanii fi naannoo magaalaa ta'aniif dhaha ykn kaaleendaraan yaadatu.

**Muhaammad:** Nuti buqqaatota biratti guyyaa dhiisitii ji'aayyuu adda baasuun rakkisaadha. Gaafa guuteef ni talaalchisu. Garuu yeroo tokko tokko ofii keenya gara buufata fayyaa deemna waan taheef, guyyootaa fi ji'oota yaadachuu dandeenya jechuudha. Askaale Waan gaariidha natti himte. Ani warra kaanitis nan hima. Malli isaa gaariidha. Garuu talaalliin yoo hin jiraatin rakkoodha malee.

**Simalee:** Yoo talaallii osoo hin fudhatiin hafan innuu mataan isaa garaa kaasaa, koleeraa fi dhukkuboota biraatifuu ni saaxilamu.

**Galataa:** Gaddisiisaadha. Gandoonni buqqaatotaa fayyaa daa'immaniif balaa guddaa qabu. Dararamuun isaanii xiqlaatee kanarratti immoo dhukkuba. Iyya dhukaasa dhiisi mee kam himee kam dhiisa! Kun hundi xiqlaatee dhibee fi duu'ti!!

**Muhaammad:** Dhukkubni salphaa seetanii? Ijoolleen ija koo duratti du'an jiru.

**Boontuu:** Ani biyyee haa nyaadhu! Cubbuu isaanii malee!!

**Galataa:** Buqqaatota bira ijolleef haalli jiru baayyee ulfaataadha. Qulqullinni, ho'i, nageenyi isaas amansiisaa miti.

**Boontuu:** Mee innumti isin gaha nuun haajedhu.

**Galataa:** Rabbirraan ni callisee mitii? Itti fooyya'eeti?

**Simalee:** Mee xiqqa haa ilaallu! Yoo hin taane gara mana yaalaatti isa geessina.

- Ceesisa - /baak annaawunsimentii/

**Daa'imman talaalchisuun dhukkuboota adda addaa irraa akka eeggamanii fi  
ittisa umuri guutuu akka qabaatan haa gargaarru!!!**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera  
Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u  
UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli  
Baranootaafi Kunuuunsa Da'imman immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

Kutaa Lama- Miirawan Daa'immanifi Deebii Kennuu (Daa'imman Wajjiin Yeroo  
Gaarii Dabarsuu (Ispootii 5- Ispootii 7)

Kutaa Xiqqaa 5: - Mallattoolee Daa'imaaniif Deebii Kennuu

**Taatota**

- Obsee
- Eebbaa - Daraartuu - Jiituu
- Simalee
- Daa'ima Waadaa
- Daa'ima Rabbiraa

Seensa (**Inistirumantii Seensa**)

(Sagalee waca tapha Daa'immanii - Iffektii)

**Obsee:** Ijoollee akka hin kufneef suuta jedhaa taphadhaa. Akkoo keessanillee hin rakkisinaa. (Simaleef) Sambanni guddaa fi xiqaan kun dhufnaan manni keenya gabayaadha.

**Simalee:** Baay'ee namatti tola. Haa taphatani. Taphinni ijolleef barbaachisaa dha jedhanii mitii?

**Obsee:** Inni sirriidha. ( jidduutti wacni daa'immanii dhagahama)

**Simalee:** Yeroon Baaba fidee innis itti dabalamu immo mee dhiisi. Kunoo akkasitti gabaan ni hoo'a.

(ni kolfanii) .

**Obsee:** Akka na hin rakkifneefi mitii? (Akka itti muufachuu wayii). Kanarra mucaan kee wixxifataa jira. Maal ta'eeti laata? (sagalee Wixxifatuu xiqqaa).

**Simalee:** sirrii jette. Isa hammachuun koo itti hin tolle natti fakkaate.

**Obsee:** Maaliif Soofaa kanarra maaliif hin ciibsine. Iddoon akka isaanitti hin dhiphanneefi!

**Simalee:** Tole qaalii koo. Akka hin quuqne sirritti ufata jala haa godhuufi.

(Sagalee uffataa sokoksu) .

(Daa'imnni Obsees sagalee boo'icha dhageessise)

**Obsee:** Nyaata jalaa tursiise natti fakkaate. (sagalee olfuutee) Harmee koo hin qorrinee? Amma ni kennaaf.

(Daa'imni boo'uu itti fufa)

Harmee isheetiin- akkasi naaf fiddee? **Simalee** koo faldhaana naaf fidi.

**Simalee:** - Reefu bilchaatee bahe xiqqoo siif haa qorru.

**Obsee:** Bishaan qabbanaawaa qulqulluun kunnoo achi siif jira.

(kan sahaani fi faldhaanaa) hoodhu qaalii koo. Bareedaa koo (ni sirbitiif) yaa kuruphee koo kurup...

**Simalee:** Faaruu daa'immanii osoo baaftee sii baasa.

(waliin kolfu).

**Obsee:** Maal abbaa koo gochuu danda'a? Xiqqoo yoo boo'e keessi koo na raafama.

**Simalee:** Yaa Obsee koo! hunduma keenya bar.

**Obsee:** haadholii hunduma seetee? Haadholii meeqa meeqan beeka seeta? Kan xinnoo hin rifanne ofumaa isaa booyee challisa kan jedhan.

**Simalee:** Sun dogongora. Daa'imni sababa malee hin boo'u. qixxifachuun, itti tolu dhabuun sababa malee miti.

**Obsee:** Silaa Ogeettii kunuunsa fi guddisa daa'immanii saniin waan ati hin beekin hin jiru.

(kolfanii) .

**Askaale:** dhugumaatti sijibbeera ወይ አለች አለ ሌተዋዋ!!" Ilma koo haala gaariin guddisuuf akkamitti akka na gargaare. Amma atis faana koo hordofteera.

**Obsee:** Dhugaadha.

**Simalee:** Isaan kan jedhan Ijoolleen sababa malee hin boo'anidha. Yookaan beela'aniiru, qorraatanii ta'a, akkataan cisichaa itti hin tolle, garmalee itti hoo'era...ykn waan tokko tahanii ta'a. Kanaaf nuti mallattoo kana arginee hubachuu qabna.

**Obsee:** Dhugaadha. Ammaa gaafa darbe Waadaan koo boo'aa ture. Beela'eera jedhee nyaata kenneef, siree isaa sisirreesef, wanti ani hin yaalin hin jiru. Afachu mee jedhee Yeroon iddo ciisichaa olkaasu edaan Eebbaan osoo hin beekin meeshaa taphaa isaa haguuggii jala kaa'e ture. Kan ani beeke yeroo hangam natti fudhatee seeta. Marree innuu gama isa ququuqu saniin sosocha'aa ture.

**Simalee:** Daqiiqaa daqiiqaan miira daa'imanii hordofuu qabna.

**Obsee:** ija ija isaanii ilaaluunuu nama hin gammachiisu?

**Simalee:** Maarree jaalala daa'ima fi kan keenyaa ni dabala. Kanarra darbee yommuu isaan hordofnu miira isaanii hubanna. Waan isaan barbaadan ni hubanna. Akkuma keenya sagalee isaanii ol kaasanii waan hin dubbanneef, haala adda addaan, sochii qaamaan, sagaleen, wixxifannaa fi wantoota adda addaa biraa isaan agarsiisaniin hubachuu dandeenya. Uumamnuu isaa gargaara. Maarree yeroo kanatti ijoollee xiyyeffannaadhaan ilaaluun barbaachisaadha. Mallattoo isaan nuuf kennan hubachuun deebii fi furmaata kennuu qabna.

**Obsee:** Tarii amma gahuu hin oolle. Innis afaan isaa walitti cufachuu jalqabeera.

**Simalee:** Quufera jechuu isaatii?

**Obsee:** akkasi leenca koo bareedaa koo. Afachu afaan isaa haa xaraguufi. (sagalee akka olkaasuu dhageessisuu) naaf koottu mee naaf koottu mee (Ammas ni sirbitiif yaa kuruppee koo kuruph.....) bareedaa koo naaf kolfaa jirtaa? Maali immoo! Deeffadhuutii deebitee raftaa?

**Simalee:** Kan koos itti toleera. Hirriiba nagaa rafaa jira. Ijoolleen miira isaanii mallattoo adda addatiin yommuu ibsan, nuti beeknee isaan hubannee, yeroo isaanitti qorru yoo ho'isnee, yeroo itti hin mijannee akka mijatu yoo taasifne, yeroo beela'an yoo nyaachifnee, gammadaa ta'u. fayyaa qabeessa ta'aniis guddatu. Miira ijoollee keenyaa dubbisuu yoo dadhabne rakkinaaf saaxilamuu danda'u.

**Obsee:** Waan haati koo dur daa'imni carraa ishiitiin guddatti jedhamu amma hafeera.

**Simalee:** Ogeettiin fayyaa kan jettu Hordoffiin yeroo yeroon daa'immaniif taasifamu guddina isaaniif baay'ee barbaachisaa dha. Dandeettiin daa'imni dafanii waan tokko hubachuus akka dabalu dubbatti.

(Iffeektiin- Sagalee waca ijoolee ni dhaga'ama)

**- ceesisa - /baak annaawunsimentii/**

**Haadholii fi kunuunsitoonni ijoolee xiyyeffannoон haa hubannу.  
Yeroo beele'an, dukkubsatan, gammachuu dhaban, boo'an ykn  
mallattoо biraa mul'isan rakkoo isaanii hubannee furmaata  
hatattamaa haa kenninu!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuuンsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Xiqqaa 6: -Qaamolee Miiraa Daa'immanii Kan Dadammaqsanii  
Fi Akka Itti Fayyadaman Haala Dandeessisu Uumuu.

**Taatota**

- Jiiuu
- Daraartuu
- Eebbaa

- Obsee
- Simalee

(Seensa – inistiruentii)

**Daraartuu:** *Obboleessa koo - Obboleessa koo*

*Raftee moo raftee moo*

*Bilbilli bilbilame (2) ka'I kaa*

(Kutaa ciisichaa keessatti daa'imni Waadaan soofaa irra ciiseera. Fagootti fuuldura, Waadaa fi Eebaatti Jiituun Uffata qorraa uffisuun akka nama rafee fakkeesstee soofarra cibsiteera.

**Obsee:** (kolfaa) Yaa ijoollee isin bar

Daraartuu itti fufti: *Obboleessa koo - Obboleessa koo*

*Raftee moo raftee moo*

*Bilbilli bilbilame (2) ka'I kaa (2) .*

(Kolfa gammachuu Waadaa iffectin dhagahama)

**Jiituu:** Tole, nan ka'a, tole nan ka'a

*Fuula koo dhiqadhee ilkaan koo rigadhee*

*Uffata koo uffadhee ciree koo nyaadhe*

*Mana barumsaa nan deemaa*

*Beekumsa gaarii nan argadhaa.*

(Obsee fi Simaleen ajaa'ibsiifatanii ni kolfu)

**Obsee:** Nuti yeroo tokko tokko yeroo isaan taphachiifnu faaruu isaan waan faarsisiifnuuf kanaaf isaanitti barateeti ta'a.

**Simalee:** Gaarii dha. Baayyee namatti tola. Carraaqqiin keenya firii argachaa jira jechuudha. Sana irra darbee manni keenyayyuu bakka ijoolleen itti taphataniifi waan hedduu itti baratan ta'uu qaba.

**Obsee:** Tapha akkamii?

**Simalee:** Amma mee mana kee ilaali. Gidduutti soofatu jira. Bakki ijoolleen itti taphattu hin jiru. Teessoon, meeshan bunaa, bakka isaani waan hin qabatiniif taphachuuf itti hin tolu. Kana malees, naannoon mana keenyaa daa'imman karaa miira isaaniitiin beekumsa hedduu akka argataniif mijataa ta'uun ni gorfama. Ijoolleen salphaatti arguun, funfachuun, tutuquun, dhaga'uuni fi dhandhamuun wantoonni adda baafatan yoo jiraatan guddinaa fi barumsa isaaniif barbaachisaa dha.

**Obsee:** Miira isaaniif akkamitti mijataa ta'a?

**Simalee:** Wantoonni isaan ilaalan, tutuquun, fuuffatan, dhaggeeffatanii fi dhandhamuu danda'an yoo dhiyoo jiraatan hubannoonaan isaanii salphaatti ni dabala. Nutis mataan keenya yeroo tokko tokko gaaffii hubannoo gaafachuudhaan qaamolee miiraa isaanii dadamaqsuu dandeenya.

**Obsee:** Mee ittuma fufi. Anis si ilaalee si hordofa.

**Simalee:** Daree koottu mee ani gaaffii tokkon qaba.

**Simalee:** Baay'ee gaariidha achuma dhaabbadhu! Akkasitti fuula kee gara keenyatti. --- gara duuba keetiin teessoodhaa oli dhaaba manaarra maaltu jira?

**Daraartuu:** Suuraadha kaa

**Simalee:** Gaariidha! Suuraadha. Garuu suuraa maali?

**Daraartuu:** Ani beeka.

**Obsee:** Tole nutti himi kaa!

**Daraartuu:** Kan haadhaa fi abbaa kooti kaa!

**Simalee:** (Harka rukutuu) Suuraa Obsee fi Dhaqqabaati. Mee gaaffii isa dhumaatokkon si'i haa gaafadhu---- suuraan halluu akkamii qaba? (gaaffii fi dubbi daa'imaf ta'uun).

**Daraartuu:** halluu duraaniti kaa!

**Simalee,** Ani waa'ee yeroo isaa osoo hin taane gosa halluu si gaafadhe.

**Daraartuu:** Magariisa waan akkasii jechuu keeti?

**Simalee:** E -----eyyee! (jecha dheeressuun)

**Daraartuu:** Garuu surichi kan durii akka ta'e amantee mitii?

**Simalee:** (kolfaa) Eeyyeen amaneera.

**Daraartuu:** X na taasistuu mitii?

(namni hundi kolfa)

**Simalee:** (Sagalee kolfaa isheerratt beeksisaa) si hin taasisu.

**Daraartuu:** Halliche iddoon tokko gurraacha, iddo biraa immoo adii dha.

(Hunduu walitti harka rukuta)

**Obsee:** Mucaa koo cimaa! Amma immoo ani si haa gaafadhu?

**Daraartuu:** Harmee isin immoo gaafachuu qofaa? Badhaasuun hin jiruu?  
(kolfanii).

**Obsee:** (kolfaa) Ni Badhaafamta mucaa koo! Atumti qofa deebii deebisi. Jituu si ilaalaan jira. Koottu deebi'i Yeroo biraa yoo si gaafatamee deebistee badhaafamta. Amma gaaffii sagalee isin gaafadha.

**Daraartuu:** Garuu badhaasa hin dagatin.

**Obsee:** rakkoon hin qabu. Sagalee lama si dhageessisee kan maali akka ta'e natti himta.

Kan jalqabaa ku ku ku Kukulu (iyya handaaqqoo dhaggeessifti) .

**Daraartuu:** (kolfa gammachu) Kun kan handaaqqoti. (isheenis akka hindaaqqotti iyyiti)  
(kolfanii).

**Obsee:** Sagalee lammaffaa immoo dhaga'i. wuu wuu wuu wuu (sagalee saree).

**Daraartuu:** Ani beeka. (sagalee daa'imaatiin) Kan Buchiiti.

**Simalee fi Obsee:** (waliin harka rukutu) Dareen cimtuudha.

**Simalee:** harka haa rukkunuufi mitii obsee

**Obsee:** Akkasi ilma koo (Walitti harka rukutu) Daraartuu gaarii!

**Simalee:** Amma immoo dabareen kooti. Jituu koo Uffata fincaanii san naaf as hiixadhu.

- Ceesisa -

Askaale: Eebbaa mee as koottu

**Simalee:** Mee quboota koo kana keessaa isa xiqqaa natti agarsiisi?

**Simalee fi Obsee:** (Waliin kolfu).

**Simalee:** Ilaa ati quba guddaa koo tuqxe. Hunda keessaa Inni xiqqaan immoo isa gama faallaa quba guddaa kooti jiruudha.

**Simalee:** Amma immoo waraqaawwan lamaan kana quba keetiin tutuqxee waan harka keetitti dhagahamu natti himta.

Koottu gaanfuree koo. Luukiin dabtaraa kunooti. Harka kee fidi - - -

Eeyyee! Akkasi! Kun immoo kaartooniidha!

Kunis kaartooniidha. Ammas harka kee fidi. Eeyyeeakkana. -----

Lamaanuu harka keetiin tutuqxee jirta.

Maal akka sitti dhagahame natti himi. - - - - sirriidha! Inni jalqabaa lallaafaa dha. Inni lammaffaan immoo nama ququuqa.

Eebbaa koo baay'ee gaariidha!!!!(Lamaanuu harka rukutu)

**Obsee:** Eebbaa koo baay'ee gaariidha (harka rukutaa).

**Simalee:** Kottu mee si dhungadhu Rabbirraa, bareedaa koo! Amma immoo daapparii kee jijirra. Garuu dura mee harka, miila fi dugda kee suuta jedheen siif sukkuuma. Qaalii koo mee harka kee naaf kenni. (ni Kolfa) Eegaa, afachu anumti yaa fudhadhuu. Argitee Obsee koo yeroo qama isaa dhiqatu ija ija isaa keessa

ilaalee qaama isaa hunda sukkuumaafi. Suuta jedheeti Rabbirraa cimaa koo. Mee Rabbirraaf harka haa rukunnu.

(Hundi walitti) Saamiin gaanfuree!

**Obsee:** Afachu amma immoo waan tokko fidee dhufee Daree gaafanna.

- ceesisa -

**Obsee:** Amma harka mirgaa fi bitaa kootiin wantoota dhandhamamu lama qabadheen jira. Daree, dhadhamtee maal akka ta'e nutti himta. Kunoo dursa kana dhandhami Daree.

**Daraartuu:** iii---(sagalee lollooccisuu).

**Obsee:** (kolfaa) Maali?

**Daraartuu:** maali harmee koo? Soogiddadha bar ikan natti kennite.

**Simalee:** Soogidda ta'uu isaa beekte mitiiree?

**Daraartuu:** Eeyyee, soogidda dha.

**Obsee:** Baayyee gaarii dha. Amma osoo hin ilaalin afaan kee bani. Baayyee gaariidha

**Daraartuu:** harmee koo kana ammalee altokko naaf dabali.

**Obsee:** Maal akka ta'e natti himi kaa.

**Daraartuu:** Sukkaara dha kaa.

**Obsee:** Kunoo ammas irra deebi'een si dhadhamsiiseera.

**Daraartuu:** ni mi'aawa.

**Obsee:** Sukkaaradhaa?

**Daraartuu:** Eeyyeeni, Harmee koo.

**Obsee:** akkasi mucaa koo. Simalee koo si galateeffadha.

**Simalee:** Homaa miti. Kunoo ana fi ilmi koo Eebbaan reefuu uffata fincaanii jijiiruu xumurre, qaali koo, mucaa gaanfuree koo. Dhaqqabaan taphuma kana taphachiisaa jiraa mitiiree? Galataa ofisaatifuu qaamolee miiraa isaanii dadamaqsuun kun itti toleera.

**Obsee:** Isaan hirmaachuun murteessaadha. Yeroo baayyee ani yeroo eebbaa kunuunsuun qabamu dhaqqabaan dha kan isaan tabsiisu. Yaa bada ana yoomiyuu wanti akka beekkumsaa gahu hin jiru. Daa'imman guddisuun immoo beekkumsa gaafata.

**Simalee:** ogeettiin guddisa daa'immanii waa'ee beekkumsaa fi guddisa daa'immanii irratti hubannoo baay'ee nuqabsiistera. Isa kana haadholii birootti himuu qabna.

**- ceesisa - /back Annawunsimentii/**

**Qaamota miira Daa'immanii dadamaqsuun guddina fayyaa qabeessaf isaan haa gargaarru, naannoo isaanii akka qoratan mijataa fi sodaarrraa bilisa haa taasifnuuf.**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartoottaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u**

**UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugala Mana  
Barnoota Qadaamay Lijinnati immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

**- Spootii 7 -**

Kutaa Xiqqaa 7: - Walitti Dhufeenya Fi Waliigaltee Warra Fi Daa'ima Gidduu  
Jiraatu

**Taatota**

- Jiituu
- Daraartuu
- Eebbaa
- Waadaa
- Obsee
- Dhaqqabaa

**Seensa (Inistiruumantii Daa'immanii).**

**Obsee:** Daree, intala koo, amma waliin laaqana hajjenna. ni barbaaddaa mitii?

**Daraartuu:** Ba- - - Baay'ee na gammachiisa. Ittoo yaa hojjedhuu? Galatoomi harmee koo!

**Obsee:** Baayyee gaarii dha. Argitee, isaan kun isaan kun Ittoo hojjechuuf kan nu gargaaraniidha. Mee maal akka jedhaman natti himi. Jalqabarratti kuni maalidha?

**Daraartuu:** Ani beeka. Kun distii dha.

**Obsee:** Gaariidha. Distii maal itti goona?

**Daraartuu:** Ittoo itti qopheessina.

**Obsee:** sirriidha isatti ittoo hojjenna. Distiitti maal itti goona?

**Daraartuu:** Waan hundumaa itti naqaa ibidda itti bobeessina.

**Obsee.** Dabareedhan wantoota barbaachisan itti dhaqaa waliin geenya. Amma distii keessatti maaltu sitti muul'ata?

**Daraartuu:** distii keessa shunkurtiitu jira.

**Obsee:** shunkurtii osoo distii keessa hin seeniin akkanatti duudaa ture. Ani maali godhe?

**Daraartuu:** Halbeedhaan kukutte. Sana booda distiitti naqxe.

**Obsee:** Akkasi mucaa koo. Ati cimtuudha.

(iffeektiin Yeroo ibiddarra godhamu sagalee chasas jedhu dhageessisa)

Argitee amma immoo ibiddarran kaaye. Maaliif?

**Daraartuu:** Akka bilchaatufi kaa.

**Obsee:** (Sagalee sochoosuu tashii jedhu iffeektiin itti fifa) ilaali maal akka gochaa jiru.

**Daraartuu:** Sochoosaa jirta harmee koo.

(Sagaleen haxxiffachuu fakkaatu itti fufa)

**Obsee:** koottu atis akkuma koo suuta jettee sochooftaa?

**Daraartuu:** Tole Harmee.

**Obsee:** baay'ee cimtuudha ati. Waliin gahuu jechuun akkana. Amma anatti kenni.

Waan as keessa jiru keessaa itti aansee maal dabalamuu qaba?

(Sagalee balbala keessaa banamee cufamuu)

**Dhaqqabaa:** Toole! Isin maal gochaa jirtan? Daree ittoo hojjechuu barsiisaa jirtaa?  
Baay'ee gaariidha. Anis umrii ishee kanatti ittoo hojjechuu akka naradha nan  
yaadadha. Kanaaf amma Daree itti aansre maaltuu itti dabalama?

**Daraartuu:** Shiroo dha.

**Obsee:** Shiroo miti. Shiroom itti dabalama, garuu inni booda ta'a. Amma zayitii itti  
dabala. Kunoo itti dabale. (Sagaleen Chesus jedhu yeroo zyitiin dabalamu)

**Obsee:** Itti aansee maaltu dabalama?

**Daraartuu:** barbareedha?

**Obsee:** Eeyyeen. barbarree dha. Garuu barbarricha madaalleen itti dabala.  
Barbarreen yoo itti baay'ise hoo maali ta'a?

**Daraartuu:** Harmee koo baayyee nama guba!

**Obsee:** sirrii jette. Garuu hammam akkan itti dabalu akkamittan beeka?

**Daraartuu:** Harmeen inni faldhaanani kaa.

**Obsee:** (kolfa) faldhaana meeqa?

**Daraartuu:** Isa hin beeku.

**Obsee:** Hamma qixa Ittoo hojjedhuun madaalee akka hin baayyannes akka hin xinnaannetti taasisee itti dabala.

**Daraartuu:** Harmee, barbarree zayitii fi shunkurtii erga itti naqxee booda maal goota?

**Obsee:** Akka inni bilchaatuu ni sochoosa.

**Daraartuu:** Akka inni bilchaatuuf sochoosuu immoo maal gochuudha?

**Obsee:** Sochoosuu kan jedhamu, zayitii, shunkurtiin fi barbarreen erga itti naqamee booda isaan siritti sochoosaa bilcheessu fi akka gaariitti walitti makuudha. Ergasii maali godha?

**Daraartuu:** Bishaan itti dabalta. Yeroo biraan bishaan yoo itti dabaltu argeera.

**Obsee:** Beetii koo cimtuudha atin eyyee bishaan itti dabala. Garuu bishaan sun ittoo ani hojjedhu kan madaaludha. Eenyuutu shiroo buddeenaan nyaata?

**Daraartuu:** Nu'Idha kaa! Ana, si'i, Abbaa koo, Eebbaa, Adaadaa koo fi jiituudha.

**Obese :** Argitee, kan hojjedhu nama kana jirruu hunda akka gahutti waan ta'eef hunduma kan madaaledha. Bishaanis haaluma kanaan itti dabala. Erga bishaan danfee hoo maaltu itti dabalam?

**Daraartuu:** bishaan yeroo danfe shiroo itti dabalta. Harmee ani waliin gahuu.

**Obsee:** Kunoo Haxumaa hoodhu. Garuu akka si'I hin gubneetti suuta jedhi.

**DHaqqabaa:** Daraartuu cimtittii namaa abbaa ogummaa gaarii akka taatu qabannaa isheetu beeksisa.

**Ijoollee Keenya Waliin Ta'uun Gochaalee Raawwachuu Qaban Irratti Waliin  
Haasa'uudhaan Dandeettii Dubbii Fi Oggummaa Hojii Isaaniif Bu'uura Haa  
Kaa'annu.**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera  
Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u  
UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli  
Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

**Kutaa Sadii- Ijoollee Barnoota Idileen Duraan Cimsuu  
Irratti Qooda Maatii Fi Guddistootaa (Ispootii 8 - Ispootii 12)**

**Kutaa Xiqqaa 8: - Ijolleetti Oduu Durii Fi Seenaa Itti Himuun  
Dandeettii Isaanii Guddisuu**

### **Taatota**

**- Aadde Boontuu**

- Boonaa

- Kuulanii

- Caaltuu

### **Seensa (inistiruument).**

**Boontuu:** Ijoolle amma asii baanee gara dirree alaa deemna (ijoolleen sagalee bravo ni dhageessisu) (sagaleen miilaafi ijoollee fiiguun ni dhagahama) Sana booda hundi keenya marga irra teenya.

(sagalee yeroo muraasaaf dirree deemuu iffekt)

Har'a waa'ee re'eetti fi ijoollee torbaanii isinitti hima. Akkasumas yeroon oduu duricha xumuru isin gaafadha, kanaaf sirriitti dhaggeeffadhaa.

Hundi isaanii altokkotti: toole!

**Boontuu:** Baay'ee gaariidha.

Gaafa tokko ganda baadiyyaa magaalaa irraa fagaatee argamu tokkotu ture. Maarree, re'ee ilmoolee xixinnoo babbareedoo saddeet qabdu takkatu achi jiratti ture. Hoxxee (mana xinnaa) bareedaas qabu turan. Ilmooleen xixinnoon kunneen dirree fi tulluu bareedaa naannoo isaanii jiru deemuun taphachaa turan.

Gaaf tokko haati isaanii nyaata isaaniif barbaaduuf fagaattee deemuuf karoorfatte. Isheenis isaan waamteeakkana jetteni:

(sagalee jijiiranii) "Ijoollee koo ana malee nama biraatiif balbala hin baninaa. Naannoo kanaa kan hin dhabamne waangoo daba tokkotu jira waan ta'eef akka isin hin gowwoomsine. Garuu waangoon kun dhokatee dhaggeeffachaa waan tureef

karoora tokko baafate. Qama isaa dhukkee dibachuun haadha isaanii fakkaate. Sana booda balbala bira ga'ee sagalee isaa kan ishee fakkeessee rurukutee “Ijoollee koo, ani haadha keessan, balbala naaf banaa” jedhee hunda isaanii keessaa inni quxisuun qaawwa balbalatiin ilalette. Waan shakkisisaa wayii ture. Re'ee xiqqoon

(sagalee isaanii jijiiraani)

“Danaa harka kee nutti agarsiisi” jetteen shakkiidhaan. Sana booda dafee harka isaa dhukkee dibatee itti agarsiise. Harki isaa gurraacha ture. Ijoolleenis balbala kan rurukutte haadha isaanii akka hin taane hubatani.

“Ati haadha keenya miti. Ati waangoo haxxeedha.” Waangoonis fiigee baqate. Garuu salphaatti abdii hin kutanne. Bakka daabboon tolfamu tokko dhaqee nama daabboo tolchu sanaan bukoodhaan qaama isaa akka haguugu gaafatee innis haguugeefi. Yeroo lammataaf deebi'e deeme. Innis balbala rukute “Ijoollee koo qaalii. Ana haadha keessani. Balbala naaf banaa.”

Ammas re'een xiqqoon shakkiidhaan

“Danaa harkaa kee nutti agarsiisi.”

Waangoonis duugda itti garagalee eegee itti agarsiise. Yeroo qaawwa furtuu keessaan ilaalan eegeen kan akka haadha isaanii hin turre. Eegeen haadha isaanii qal'aa, adii fi dheeraa dha. Garuu kan isaa halluu diimaa fi furdaa ture. Isaanis itti iyyan.

“Ati ammallee waangoo haxxeedha. Badi asii.” Waangoonis akkuma beela'een qaana'ee deeme. Garuu abdii hin kutanne. Yeroo dhumaaf yaaluu barbaade. Sana

booda aannan barbaadee argate. Daakuu fi bukoo sana ofirraa dhiqe. Ammas haadha isaanii ra'ee fakkaatee balbala rurukutee akkana jedheni

"Ijoollee qaali koo, ani haadha keessanii balbala naaf banaa."

Ijoolleen ammas xiqqoo burjaaja'aniiru.

"Karaa qaawwa furtuu balbalaatiin danaa harkaa kee nutti agarsiisi."

Waangoonis akkuma isaan jedhan itti agarsiise. Danaan kan haadha isaanii fakkaata. Balbalicha jalaa banani. Innis utaalee gara keessa seene. Isaan nyaachuuf ta'e. Garuu re'oонни xixiqqoo qaroo ta'an sun foddaa bananii turan. Isaan nyaachuuf osoo gadi jedhu isaanis foddaadhaan utaaluun miliqan. Waangooniis garaan isaa gungumaa mana duwwaatti hafe.

Guyyaa sana booda ijoolleen balbala isaanii nama hin beeknee banuu dhiisan. Haadha isaanii abshaala wajjin gammachuudhaan jiraachuu itti fufan. Siin jedha."

Ijoolleen gammachuudhaan iyyan.

**Boontuu:** ijoollee duduricha jaallattanii?

Ijoolleen: Baayyee

**Boontuu:** Tole amma yeroon ani warra xiyyeffannaadhaan dhaggeeffattan gaafadhee adda baasuu ga'eera. Bineensoni duduri kana keessatti argaman eenyu faadha?

(Yeroo xiqqoo booda) ra'ootaa fi waangoodha.

Tole, waangoon re'oota xixiqqoo sana gowwomsuuf maal godhe? (xinnoo callisuu) Sirriidha. Dura dhukkeedhaan, ergasii bukoodhaan achii ammas aannan qama isaa dibuun of jijiire.

Garuu haati isaanii osoo hin deemin maal isaan akeekkachiifte? (gidduutti callisuu)

Sirriidha. Harmeen isaanii osoo hin deemin wangoon haxxee waan jiruuf ana malee nama biraatiif balbala akka hin banne jettee akeekkachiifte.

Gaafii biraa, yeroo jalqabaaf waangoon dhufte, haadha isaanii akka hin taane akkamitti beekan? (gidduutti dhaabuu)

Danaa harkaa kee nutti agarsiisi jedhaniin. Danaan harka haadha isaanii adii yoo ta'u, kan isaa immoo gurraacha.

**Boontuu:** Gaaffii biraa kan qabu? ----- (callisan) Baay'ee gaarii dha. Tole Tole **Kuulanii**

Gaaffii gaarii dha. Haati maaliif isaan dhiifte deemte kan jedhuudhaa gaaffiin kee. Osoo waliin ta'anii gaarii ture. Garuu waan nyaatan isaan barbaachisa. Wanti nyaatan yoo hin jiraanne immoo ni beela'u. Kanaaf haati akka re'oонни nyaata argatan dirqama waan ta'eef deemte.

Ijoollee baayyee gaariidha. Egaa, seenaa kana irraa, waan gaarii fi hamaa adda baasuu akka qabnu, waan tokko ykn namoota dhaga'uu qofaan osoo hin taane, qorachuudhaan hubachuu akka qabnu baranne. Kana malees nama injifateef badhaasa ni qabaanna. Kanaaf yeroo itti aanutti immoo dabareen kan Abbaa keessaniiti. Oduu durii biraa nutti hima.

**- ceesisa - //baak annaawunsimentii/**

**/Ijoolleen Keenya Beekumsa Isaanii Akka Guddifatanii Fi Fayya Qabeessa  
Akka Ta'an Durdurii, Faaruu Fi Hiibboo Itti Himuun Haa Gargaarru!!**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera  
Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u  
UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli  
Baranootaafi Kunuuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

Kutaa Xiqqaa 9: - Ijoollee Wajjiin Taphachuu

### **Taatota**

- Obsee

- Dhaqqabaa

- Simalee

### **Seensa (Inistiruumentii).**

(Sagalee balbala rurukutamuu)

(balballi banamee cufama)

**Simalee:** Akkam akka bulte Obsee koo? Nagaadhaa Dhaqqabaa?

**Obsee:** galata waaqaa! Ati hoo akkami?

**Dhaqqabaa:** Galata waaqaa! Akkam jirta?

**Simalee:** Ani gaarii dha. Ijoollee hoo, sagaleen isaanii badeera? Dargaggeessi kee hoo guddachaa jira- Waadaan moo.

**Obsee:** galata isaa. Amma beekkumsaan guddisaa jirra.

**Simalee:** Bu'uurri barnoota keenyaa ogeettii guddisa daa'immaniiti. Wanti baay'een gorsuma isheetini.

**Obsee:** Harmeenis bar gargaaraa keenya ta'anii jiru. Gaafa darbe Durduri itti himaa fi mariisisaa turani.

**Simalee:** Dhugummaan namatti tola. **Kuulaniin tapha keenya har'aatiif** kaka'umsa mataa isheetiin baala mukaa barbaaddee akka fiduuf ishee gargaarera. Kanaaf baala mukaa qabna jechuudha.

**Dhaqqabaa:** Aadde Obsee isin akkam jirtu?

(kolfanii).

**Obsee:** Hundi guutuu, hunduu qophaa'aadha. **Jiituun** mukaa fi cirracha sirreessitee qopheessiteera. Isin hoo Obbo **Dhaqqabaa?**

**Dhaqqabaa:** Gama kootiin bu'uuruma gaaffii **Daraartuu** Mukoota bocamanii fi kaartoonota qopheessera.

**Simalee:** Baay'ee namatti tola. Alaa wayya mitiiree? Ijoolleenis haa waamaman. Har'a adda durummaan kan ijaaru Eebbaadhaa mitiiree?

**Obsee:** (sagalee ishee ol kaaftee) Kottaa kaa ijoollee, hundi keessanuu, **Eebbaa**, Jiituu, Daree (sagalee Kuutee) Baayyee gaarii. Kottaa, mee gara ala wayya (sagaleen cote ni dhaga'ama).

**(callisuu) aftaa**

**Jiituu:** Tole, akkuma argitan, Dareen mukaa fi kaartoonii qopheessiteera. Ani Cirrachaa fi muka fideera. Caaltuun immoo baala mukaa fideera. Har'a dabareen kan Kooti. Hojjechuuf kan karoorfadhe manadha. Isiniti agarsiisa.

**Simalee:** Mukni bocame fi mukkeen biroo kunoo (sagalee muka waliin rukutuu) cirrachi eessa siif haa godhamu?

**Jiituu:** Lafa irra

**Simalee:** Baay'ee gaariidha. (Sagaleen yeroo cirrachi yaa'u ni dhaga'ama)  
Kaartooniinis kunooti. (fuutee yeroo lafa gootu sagaleen dhagaham)

(background misic).

(Sagalee rukutuu mukaa, cirrachaa fi kaartoonii)

**Obsee:** Ah, maali mukkeen akkanaa?

**Jiituu:** Dallaadha.

**Obsee:** (callisa) dallaa baay'ee gaarii dha jechuu kooti. Eggadhu harka kee akka hin murre. Fidi anatu siif mura. Kaartooniin eessa jiru? Balbalaa fi foddaa baayyee bareedaa hojjetteette.

**Simalee:** Mana lamaa?

**Jiituu:** Manaa fi kushiinaadha.

**Simalee:** Kolfaa isaan kuni manaafi kushiinaadhaa tolee. Kan kushiinaas sitti haa agarsiistutii balbalaa fi foddaa muriitii hojjedhuuf.

**Obsee:** Tole kuunno iddoor sanitti. Kunoo mannis kushiiniinis balbalaa fi foddaa argate jechuudha. Hin yaadda'iin cirrachi si hin miidhu, gaafa xumurtu dhiqatta.

(baakgraawund) baay'ee gaariidha! Cirrachi kan iddo biqiltuuti jechuudhaa? Ati gaanfureedha! Baala mukkeenii darbaa darbaa cirracha keessatti suuqeera.

**Dhaqqabaa:** xaawulootas fuulduratti qindeessi. Ee ... balbala tole baayyee cimaadha ati. Xumuramee?

**Simalee:** kunoo, mana ofii keessatti kan argite kushiinaa fi mana jirenyaa kaartoonii irraa hojjete. Sana booda cirracha akka iddo biqiltuuf ta'utti qa'ee keessa sirressee kaa'e. naannawa isaa immoo mukaan marse. Fuuldura isaa bakka xiqqoo dhiisee xaawuloota qindeessee kaa'ee balbala alaa hojjete jechuudha. Kan nama ajaa'ibu, cirracha irratti baala mukaat kaa'ee iddo biqiltootaaf tahu hojjeteera mucaa baay'ee cimaa. Jedhaa Hundi keenya jiituuudhaaf harka haa rukunuu!

(hundi isaanii walitti harka rukutu)

**Dhaqqabaa:** Jiitun kanaaf meeshaa taphaa walitti qindeeffamu badhaafamti.

(namni hundi harka rukuta)

**Obsee:** Yeroo itti aanuuf Jiitun meeshaa taphaa bitameef siritti shaakaltee ijaartee nutti agarsiifti jechuudha. Eebbaa fi Daraartulleen waan barbaadan hojjechuuf karoora ni baafatu. Abbaan faanti immoo meeshaalee barbaaduurratti nu gargaartu.

**Obsee.** Amaanaa wanta qaalii ta'e akka hin ejejne.

**Simalee:** Ijoolleen koos kanuma gochaa jiru. Yeroo mana mana keessatti xumurtan immoo waan waliin hojjettanifi waliin taphattan karoorfatu. Amma Daraartuun mana Jiituu suuraa kaaftee dhumarraatti cirracha sana peestaalatti, meeshaalee biros iddo turanitti deebifti. Nuti gara manaatti haa deebinu. Yeroo itti aanutti tapha kana dursitan isinuma ta'a.

**- ceesisa - /baak annawunsiment /**

**Maatiin Taphoota Ijoolleen Gaggeeffaman Qindeessuuni Fi Hirmaachuun  
Gahee Keenya Haa Ba'annu. Guddina Fayya Qabeessa Ijoollee Keenyaafis  
Qooda Keenya Haa Gumaachinu!!!**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera  
Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u  
UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli  
Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

Kutaa Xiqqaa 10: - Daa'imman Wajjiin Marii Bilchaataa Fi Aadaa Waliin  
Dubbachuu Gabbisuu

**Taatota**

- Jiituu

Dhaqqabaa

- Obsee

- Daraartuu

- Eebbaa

**(Seensa –inistiruument)**

(Sagalee balbala rurukutamuu)

(balbala banamuu fi cufamuu).

**Dhaqqabaa:** Akkam oolte Qaalii koo? (obsee wajjiin wal dhungatu) fidi mee dargaggeessa kanas yaa hammadhoo.

**Obsee:** kunoo fudhadhu.....

**Dhaqqabaa:** as koottu mee naaf koottu qaalii koo, leenca koo. Mee si dhungadhu (umphaa umphaa).

Koottaa mee isinillee isin yaa dhungadhu (dabareedhaa umphaa jedhee dhungata)

Oo naatii koo... A.... Anas nahammadhu?

(Kolfaa) Tole qaalii koo

leenca koo Haadha kee bira deemi. (sagalee waa olkaasuu). Naaf koottu Eebbaa koo. bareedaa koo! (umphaa) akkam jirta?... baay'ee gaariidha.

**Obsee:** Hojiin akkam ture?

Dhaqqabaa: Homaa hin jedhu. Kee hoo

**Obsee:** kan koo hojiidha hin jedhin Waadaa waliin ooluu. Wajjiin taphachaa turre.

**Obsee:** qaalii koo umphaa!

**Dhaqqabaa:** Yaa rabbi kolfi isaa akkam bareeda. Gammadeera.

**Obsee:** bareedaa koo umphaa (buxxaala) koottu mee atis boqadhuutii nyaata nyaadhu.

**-ceesisa-**

**Daraartuu:** Harmee Saaphuu xinnoon natti dhufte. Yaa haadha koo!!

**Obsee:** Homaa si hin gootu! Achuma taa'i!

Dhaqqabaa: maali isheen kan sitti dhufte Daree?

**Daraartuu:** saaphuha! Argitee harmee koo!

**Dhaqqabaa:** Saaphaaphuu jedhi mee mucaa koo.

**Daraartuu:** Saapuha.

**Obsee:** Sa- Phu-Pha

Daraartuu: Sa- Phu-Pha

**Obsee:** Dareekoo koo cimtittii! Saaphuphaa jettii mitii.

**Daraartuu:** saa-phu-phaa (callisa) Garuu maaliif saaphuphaa jedhamte?

**Obsee:** waan mana sassaaru ijaartuuf tahinaa?

**Daraartuu:** Warri mana sassaaru ijaaran hunduu saphaaphuu jedhamuu?

**Dhaqqabaa:** miti. Haati kee hin jenne mitii?

**Daraartuu:** E- - eeyyee! Gaaffii isin gaafadhe. Argitee gara baaxii manaatti ol deemaa jirtii. 1 - - - 2 - - Oo, na jalaa deemte. Miila meeqa qabdi?

**Dhaqqabaa:** Ani haa lakkaa'u mee. Mirga 1 – 2 – 3 – 4 Bitaa 1 – 2 – 3 – 4  
Walumaagalatti miila saddeet qabdi.

**Daraartuu:** E - - eeyyeni. 1 – 2 – 3 – 4 – 5 – 6 – 7 – 8 Sirriidha, miila saddeet qabdi.

**Obsee:** Daree gaariidha! saaphuphaan miila meeqa qabdi?

**Daraartuu:** saphaaphuun miila saddeet qabdi. Ilaali harmee koo balbalaa bira deemte!! Balballaan fiigdee jalaa baate. Ani bade haadha koo!

**Dhaqqabaa:** Argitee intalli koo, Saaphuphaan fiigdee kan dhufteef balballaa nyaachuuf ture.

**Daraartuu:** Garuu balballaan ishee jalaa miliqe. Balballaan cimtuudha. Garuu abbaa koo balballaan bakka kana akka jirtu akkamitti beekte?

**Dahaqabaa:** Gaaffii gaarii dha Daree koo. Bineensonni miira isaaniitti fayyadamuun bineensota biroo nyaatan adamsu.

**Daraartuu:** Adamsuun maali abbaa?

**Dhaqqabaa:** Adamsuu jechuun barbaadanii argachuu fi nyaachuu jechuudha.

**Daraartuu:** oduu durii yeroo darbe natti himte keessatti leenci kuruphee fiigee qabatee akka nyaate san jechuudhaa mitii?

**Obsee:** sirriidha mucaa koo! Atin bar cimtuudha!!

**Daraartuu:** T...tole, itti naaf fufi kaa akkamitti Saaphuphaan Balballaa jiraachuu itti beekte.

**Dhaqqabaa:** Tole ilma koo. Eeyyee, bineensonni tokko tokko miira foolii sirritti fuunfachuu qabu, tokko tokko ija gaarii kan qaban jiru, kaan immoo dandeettii dhaga'uu gaarii qabu. Saaphuphoonni sochii xixiqqoo adda baasuu waan danda'aniif, fageenya irraa salphaatti balbalaawwan arguu danda'u. Yeroo kanatti mana xaxaa isaanitiin fayyadamuun balballaa kiyyootti galcha.

**Obsee:** ilma koo manni saphaaphuun maal fakkaata?

**Daraartuu:** manni saphaaphuu waan qaqlalla marfamee jiruu fakkaataa mitiiree?

**Obsee:** sirii keeti. Ati baay'ee cimtuudha! Dandeetii kee kanaaf hiibboo sitti himna. Osso jennu saaphuphaan miidhaa waan geessituuf mana keenya keessaa balleessuu qabna. Balballaanis akkasuma miidhaa qabdi

**Dhaqqabaa:** hiibboo baay'ee gaarii sitti himna. Abbaan dabaree si'i. harmee koo situ gaafata.

### Ceesisa

**Obsee:** eee... inni jalqabaa

hibboo?

**Daraartuu:** hibib

**Obsee:** mana tabbaraa balbalti lama

**Daraartuu:** eee....

**Obsee:** mana gaararraa balbalti lama

**Daraartuu:** funyaani.

**Obsee:** Itti aansee hoo?

Abbaa? tole abbaa sigaafadha. hibboo

**Dhaqqabaa:** hibib?

**Obsee:** Aannan kan dhugamu foon immoo kan hin nyaatamne?

**DHaqqabaa:** Aannan ishee kan dhugamu, foon immoo hin nyaatamne (bifa gaaffiitiin).

Eee.... eeyyee. Waadaa aannan harma keetii ni dhuga.

Garuu... eeyyee, eeyyee, isi'i

**Daraartuu:** maali abbaa koo deemiin akkanaa jiraa?

**Obsee:** Tole ati natti himi Abbaan kee hin beeknee

**Daraartuu:** Haadha

**Obsee:** ilma koo ati Baayyee cimtuudha.

(harka rukutuu)

**- Ceesisa - /back announcement/**

**Mariin Kaka'umsaa Fi Hoggansa Daa'immaniin Gaggeeffamu Guddina  
Waliigalaa Isaaniif Gumaacha Bal'aa Qaba. Warri Haasawa Gabbataa Irratti  
Hirmaachuun Ijoollee Keenya Haa Gargaarru!!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Xiqqaa 11: -Dubbisa Ijoollee Qajeelchuu Fi Hordofuu

**Taatota**

- Simalee

Caaltuu

Kuulanii

Ifaa

Galataa

Seensa (Meeshaalee).

**Simalee:** ururu uruu uruu hati kee essa deemtee

agamsaa guru dhaqxee

agamsiii dheedhii qabaa

dheedhii bilchaataa qabaa

Tole amma gaheera. Qaaliin koos rafeera.

**Galataa:** Harka isaatiin ija isaa tuttuquu baay'isee ture.

**Simalee:** Ijjii isaas xiqqaachaa dhufani malee. Mallatoon naaf galee raffisuu osoo baadhe of nyaata ture.

**Galataa:** Haadha manaa koo, atin hunda caalta

**Galataa:** Har'a sagantaa dubbisaa qabna mitiiree?

**Simalee:** sirrii jette. Guyyaa hunda irbaata booda osoo hin rafin daqiiqaa 20f ni dubbifnaa?!!

**Galataa:** Harmee har'a nuuf dubbistu. Afachu mee (sagaleen kootee ni dhagahama)

ijoolle hojii manaa xumurtaniirtuu?

"Eeyyee!" Sagalee ni dhageessisu.

Baay'ee gaariidha. Amma harmee simaleen yeroon dur durii nuuf himtu ga'eera. Asuma dhufti. (Sagalee Kootee)

**Simalee:** Tole ijoollee, kutaa ciisichaa keessan immoo qulqullinnaan qabdaniiru.

**Galataadha:** Dhugaadha.

Simalee: Baayyee gaarii dha! Har'a dur duriin isinitti himnu seenaa Gadamsa bosona keessaa jiraatu tokkooti.

Ijoolleen: (waliin) hayyee

**Simalee:** Gadamsaa fi bosona inni keessa jiraatu maal akka fakkaatu bakka teessanitti dhufee isinitti agarsiisa. (Sagalee miilaafi kitaabni banamuu) Kunooti. Gadamsichi kunooti bosona gaara cinaa san keessa jira! Bitaa fi mirgaan gaanfa gurguddaa qaba. Akkuma argitan re'eedhan wal fakkaata. (sagalee miila itti aansee waraqaa banuu) Tole, eega har'a rafuu keessaniin dura abbaan dabaree durduriit himu ana tahuu koof galatoomaa! Egaa jalqabeera:

Addunyaan kun Gadamsaaf balaa guddaa qabdi. Bineensonni baay'innaan Gadamsa ni barbaadu. Waraabessi, waangoon, leencini, qeerransi, ilmaan namootaa illee ciminaan Gadamsa barbaadaa jiru. Maarree Gadamksi adamsitoota kanneen hunda baayyee sodaata. Sababaa kanaan jireenyi isaa of eeggannoodhaan kan guutame dha. Yoo of dagate dhumateef. Kanaaf, Gadamsoonni of eeggannoof fi yaadaan jiraatu.

Gaaf tokko, Gadamksi dhiiraa bosona keessa naanna'ee, naannoo isaa ilaala, qilleensa funfachaa fi waan shokoksu dhaggeeffachaa, nageenya isaa mirkaneessa

deemsa itti fufe. Karaa irratti wanti isa mudate homaayyu hin turre. Bashananaa osoo deemaa jiruu, bishaan haroo akka fuulleetti qulqulluu fi tasgabbaa'aa ta'e argate. Bishaaicha dhuguudhaafis gara harootti siqe. Haroo keessatti suuraa isaa arge. Fakkii arge kana ajaa'ibsiifatee akkas jedhe:

(sagalee ishee jijiirti)

“Gaanfoonni koo akkam bareeduu! Miloota fokkisaaakkanaa qabaachaa akkamitan mootii tahuu danda'a. jechaa kophaa isaa haasa'uu jalqabe. (haala barreeffamaatiin sagalee jijiirti) .

Gadamsi sun yaada keessa osoo jiruu, achumaan naannoo sanatti sagalee milaa shoshokoksu dhaga'e. oggasuma yeroo ol jedhu adamsaan xiyyaa gara isaatti yoo kiyyeffatu arge. Gadamsis oggasuma gara bosonaatti baqate. Adamsichi saree isaa waliin Gadamsicha ari'uu eegalen. Osoo inni fiigu xiyyaan mataa isaa ruktuuf darbatame isa bira darbee jirma mukaa isa fuldura jiru rukute. Gadamsichis bosona keessa asifi achi jechaa fiiguu eegale. Namichi adamsoo fi sareen dafanii isa hordofan. Gadamsichi sagalee warra isa duubaan ari'an dhaggeeffachaa dafee fiiguu eegale.

Osoo figaa jiruu akka tasaa karaarra dabee mukaa saariidhaan xaxame fi bosona xiqqaa keessa seene. Bosonni xiqaan inni seene kun gaanfa isaa xaxee qabe. Ba'uuf yaaluu eegale. Garuu hin dandeenye. Yaalii yeroo dheeraa booda haala kamiinuu humna isaa walitti qabatee bitaa gara mirgaatti mataa raasuun eegale. Sana booda sagaleen qaa jedhu kan waa cabuu dhaga'ame. Kan cabe gaanfa isaa kan inni jaallatuu fi kunuunsu san turan. Gaafota isaa cabe bosona xiqqaa keessaa baasuun” miila koo nabaasi” jechuun Miila isaa qaqlalla fi dhedheeraa saniin bosona keessaa bahee dirree magariisarra hanga adamsituu fi sareen irraa fagatanitti dhiisee fiige. Diinota isaa jalaas miliqe.

Guyyoota muraasa booda gadamsiakkuma barame bosonuma sana keessa naannoo isaa ilaallataa fi funfataa nageenyummaa isaa mirkaneeffachaa bishaan dhuguuf gara harootti siqe.

(sagalee ishee jijiirti)

“Akkan jiraadhu kan nataasisan miila koo diqqi fi babbareedoo kanneenidha. Miila dheeraafi qaqlloon kunneen diinarra kan na ittisaan wabii lubbuu kootiiti.

Ijoollee

Uumamaan wanti hojjetame hundi ajaa'iba. Faayidaa mataa isaas qaba. Yeroo kamiyyuu yoo ta'e Kutaan qaamaa faayidaa hin qabne hin jiru. Kana ega dhageenye, wantoota lubbu qabeeyyi beeknu akkamitti diina irraa of eegan irratti mari'anna. Dubbifni har'aa garuu asumarrattii xumurama. Itti aasnee immoo oduu durii kana keessaa gaafawan tokko tokko isin gaafadha.

(Gaaffi fi deebiin akka jirutti yaaddama).

**Ceesisa - / back announcement /**

**Warri Ijoollee Keenyaaf Dubbisuudha Fi Gaaffiilee Gaafannee  
Hirmaachisuun, Dandeettii Barachuu Fi Guddina Waliigalaa Isaaniif Haa  
Gargaarru; Muuxannoo Dubbisuu Isaanii; Dandeettii Qaamolee Mira  
Isaanii Haa Guddifnu.**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Afur- Nageenya Fi Eegumsaa Daa'immanii (Ispootii 12- Ispootii 14)

## Kutaa Xiqqaa 12: - Daa'imman Midhaa Qaamaa Fi Miiraa Irraa Ittisuu

### **Taatoota**

- Simalee
- Fatiyaa
- Obsee
- Narsii Nuuriyaa
- Muhaammad

### **Seensa (meeshaan dabaaluu)**

(Simalee fi Obsee gara Buufata Fayyaa deemaa jiru. (Karaarratti sagalee waca namoota fi konkolaataa.....)

**Simalee:** Obsee koo dibaabee siif qabuu.

**Obsee:** lakkii rakkoo hin qabu.

(Iffektiin daandirraa dhagahama)

**Simalee:** Suni Fatiyaa dhaa miti?

**Obsee:** Eeyyen harmee koo. Ulf iishee guddateera. Deemsaa isii kanaan Amma bira geenya.

(iffeekti Sagalee deemsaa)

**Simalee: Fatiyaa akkam oolte?**

**Fatiyaa:** Waaqin yaa galatuu. Isin hoo akkam? Ijoolleen hoo? Bareedaa koo!

Maaloo Obsee aduun akka isa hin dhoofne, kutaa irra buusi.

**Obese:** Tole. Sirriiti manguddoomte bar.

Fatiyaa: Akkasii mitii?

**Simalee:** jabaadhu geetee jirta. Ammo itti qaanoftaa?

**Fatiyaa:** Kan jalqabaa koo waan ta'eef xinnoo nadhiphiseera

**Simalee:** hordoffii ulfaa kee haalaan yoo taasifte, nyaata kee sirnaan yoo soorate homaa hin taatu

**Fatiyaa:** rabbitu beeka. Har'a barumsi ni jira natti fakkata.

**Siamalee :** Eeyyeen. Ogeettiin hordoffii daa'imani ni dhufti. Anis sanaaf dhufe.

**Fatiyaa:** Guyyan hordoeffi kiyyas har'aa

**Obese :** eega deetee yeroo daa'imni guddatee ykn guddatte waan si fayyaduuf hordoffii taasisuudha.

**Fatiyaa:** Sirrii jette waa hundaafuu hordoffii ilaachisee maal gochuu akka qabnu isaan biroo nutti himu.

## Ce'umsa

(Sagalee Waca dubartootaa fi booya daaimmanii ni dhagahama)

**Narsi Nuuriya:** Warri maatii Baga nagaan dhuftan. Egaa akka wal dhagennuf Amma dabareen kiyya waan taheef dabarree naf laattu. Gaafii yoo qabattan harka baaftanii na gaaffattu. (Amma waliigallee mitii?) Tole Simalee....

**Simalee** Hunduma keenyaa?

**Amartii:** Hunduma keessaniif. Warra ulfa taatan hundaafu akkasumas kan talaalliif dhuftan dabalate isin fayyada. Dursa hundi keessanu waan dhuftaniif isin galateeffanna. Yaadni harra waliif qoodnuu daa'imman keessan midhaa qaamaa fi miraa fi dhiphina sammuu irraa yaa eegnuu kan jedhu irraatti ta'a. Siritti dhagahamaa? Kan duuba jirtaniif?

(Tuutaan Eeyyen jedhu)

Asirratti yoo isiniif hin galin harka baastanii na gaafattu. (callisa)gaafiidhaa? tole.

Fatiyaa: Dhifama Sistar haasawa kee addan kute. Osoo na hingalin akka hin hafnes jedheeti.

**Fatiyaa:** Dhiifama addaan si kutee.

**Amartii:** Rakkoon hinqabuu itti fufi.

**Fatiyaa:** Galatoomi. Miidhaa miraa yoo jettu maal jechuudha.

**Amartii:** Gaariidha. Daa'immanirra balaa fi sababoota birootiin miidhaa qaamaa akkuma irraa gahu san gadda olanaan, deddebi'anii arrabsuun yookan abaaruun, namooni biroons na hin fedhan yaada jedhuu fi sababoota biroon mirri isaanii waan midhamuuf, isa kanan caba miraa kanan jedhe. Ifaa? Tole Fatiyaa?

**Fatiyaa:** Yaaddoo fi dhiphinni miraa daa'imman biras ni jira jechuudha?

**Amartii:** Gaafii gaarii na gaafattee Fatiyaa. Daa'iman waan cinqaman nutti hin fakkaatu. Garuu dogongorreera. Daa'imman daraboo isaanii yoo isaan fanfansan

ykn ofirraa qoodan, mana keessatti nuti arrabsoo hin taanee ykn sodachfine, adabbii qaamaa yoo raawwannee, maatii araada baala sammuu hadoochuu fi araada dhugaatii yoo qabaatan, abbaa fi haadha ykn nama biro kan isaan jaalatan yoo dhaban, diigamuu maatii ykn abbaa fi haadhaa yoo isaan muudate dhiphnaaf ni saaxilamu. (Turtii booda) Simalee itti fufi.....

**Simalee:** Daa'imman tokko tokko yaada bilchaataa yeroo dubbatan dhageeny. Eessa fidan nama jechisiisa. Dhugumattii eessa fidan?

**Amartii:** Argitanii Da'imman duratti waan dubbannurratti ofeeggachuu qabna. Tokko tokko waan nudhagahan hin seenu. Yeroo tokko tokko kan nuti eegnee olitti dhagahanii wanti hubatan jira. Kana eessa beekan jennee yoo ilaallee kanuma nuti isaan fuulduratti dubbanne ta'ee argina. Nurraa yookan namoota gurguddoo biro irraa dhagahaniin yaada isaanii wajjiin walitti fiduun yeroo dubbatan kan dhageenyu. (turtii booda) Tolee gaafidhaa Tigist ?.Itti fufi.

**Obsee:** Yaada akkamiiti isaan fulduratti haasa'uu kan hin qabnee.?

**Amartii:** Yeroo tokko tokko dhimmoonni ulfaatan isaan cinqa. Kanaafu wanta isaan dhiphisuu dubbachuu irraa of qusatuu qabna. Daa'imman mallattoolee tokko tokko yoo agarsiisan kun kan baratame jettanii bira hin dabrina. Dubbisa, ofitti Dhiheessa. Fakkeenyaaaf kan sodaatan yoo ta'an, tapha jaalatan ykn gocha yeroo baay'ee gochuu jaalatan irraa yoo fagaatan, yeroo mana barnootaa isaanii balaallefatan yoo dhageessan, sababaa tokko malee yoo boohan ykn haalli nyaataa fi hirriibaa isaan baratan yoo faalla'e ijoollen keessan miirri isaanii waan jeeqameef rakkoo keessa jiru jechuudha.

**Mahammad:** Dhiphinni daa'imman irratti rakkoon fidu maali?

**Amartii:** Dhiphinni garmalee ta'e ijaarsa sammu daa'immanii faalleessuu danda'a. Guddina sammuu isaaniis ni jeeqa. Kanaafu barumsa barachuu irratti rakkoo mudatu danda'a. guddina sammuu fi qaamas ni miidha. Kanaafuu rakkoo barnoota fudhachuu, rakkoo fayyaa qaamaa fi sammuu itti fiduu danda'a. Kana waan ta'eef daa'imman itti dhiheenyaan mira isaanii hubannee waan isaan mudates yoo jiraate akka nutti himan jajjabeessuu qabna. Rakkoo humna ol ta'eef mana yaalaa sammuu geessuu qabna.

Osooma jennuu buqaatootaafi baqattanii warri dhuftan jirtuu. Yeroo dabre waliin haasofnee turree. Oboo Muhaammad muuxannoo heddu ni qabdu jedheen yaada waan taheef mee wanta xiinxaltan yoo jiraate nuttii himaa.....

**Mahaammad:** Miidhaa hamilee daa'mman baqattootaa yoo jettu nama gara buqaatoota dhufetu waan baayee beeka. Kan Haadha abbaan irraa du'aan; yookiin daa'imman yeroo nammni bira du'ee ijaan argan namni arge dararama miidhaa caba miiraa maal akka ta'ee sirriitti hubata. Daa'mman hirriiba hinrafan. Yoo rafanis ni sa'atii baay'ee burjaajiin kan guuttameedha.

**Amartii:** Laalaa mee buqqaatoota keessattu daa'imman iddo walitti bu'iinssi jiru irraa dhuftan akkuma beektan dhukaasa qawwee; soodaa maatii; namnii yeroo ajjeefamu kan arge ykn yeroo rasaasan rukutamu kan arge miidhaa sammuu cimaaf saaxilamu. Ulfaa ta'aniis yeroo baqacha jiran miidhaan isaan irra gahu nan hubadha. Kuunuunsa ofii fi daa'immn keessaniif godhuufis haalli keesa jirtan hin hayyamu. Kanaafu isiniif kunuunsi adda isin barbaachiisa.

**Obsee:** Daa'imman keenyaa yeroo balleessan yoo qimidnee rakkoo qabaa?

**Amartii:** Gonkuma daa'imman qimmiiduu fi uleen dhahuu hin qabnu. Kanarra hojji gaarii isaan hojeeetaniif jajjabeessaa; amala akkamii qabaachuu akka qabanis

itti himaa; haa ta'uu malee yeroo isaan balleessan ykn daangaa darban akka adabbiitti waan isaan barbaadan dhokachuun amala isaanii akka sirreessan dhiibbaa irratti gochuu ni dandewnya. Miidhaa qaamma geessuu irra garuu of qusatuu qabna. Iddoon itti taphatan waan isaan irratti miidhaa geessan irraa bilisa godhuu. Iddoon isaan taphatan bakka dhihootti isaan arguu dandeenyuu fi ijaan isaan hordofuu qabnu ta'uu qaba. Daa'imman yoo nu yaamnuu fi isaan nuyaaman dhagahuu hindandeenye irraa fagaachuu hin qaban. Mana barumsaa keessattis dhiheenyyatti ijaan hordofuun waan yaaddoo ta'u irraa kan fagaatan ta'uu mirkanoeffachuu qana.

Kan biro iddoon itti taphatan mijataa yoo ta'uu baate miidhaa qaamaatiif ni saaxila. Daaimman yeroo tokko tokkoo karaa konkoolataarra yeroo taphatan ni argina. Haalli kun baalaaf saaxiluu danda'a

Argitanii Ijoollee akka nama guddaatti humna balaa irraa of ittiisu ittiin danda'an hin qaban. Isaan kunuunsuun gahee Abbootii isaaniiti.

Simalee: wayi afan kee Kanaan Damma nyaadhu. (sagalee gadi qabattee)

(Obsee fi simaleen nikolfu)

- Ceesisa (back announcement)

**Daa'imman Miidhaa Miiraa Fi Qaamaa Irraa Haa Eeguu. Fuuldura Isaaniitti  
Waan Dubbannu Fi Hojjennu To'achuun Dhiphina Irraa Haa Oolchinu!!!**

**Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitti Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuuuns Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.**

Kutaa Xiqqaa 13: - Daa'imman Bar-Maatilee Miidhaa Geessan Irraa Eeguu

**Taatoota**

- Simalee
- Obsee
- Fatiyaa
- Amartii, Ogeettii Guddinna Daa'immanii

**Seensa (Meeshaa muuziqaan)**

(Waca dubartootaa; Booya daa'immanii -buufata fayyaa)

**Amartii:** Akkam bultan hawwoota?

**Gamtaadhaan:** (Galata Waaqaa Nagaadha)

**Amartii:** Waarrii dhiiraas Nattii mul'atu. Isin hoo akkam bultan.

**Dhiirroota:** (Galata Waaqaa; Nagaadha.)

**Amartii:** Abbootiin, Obboleewwanii fi abbootii warraa yeroo ulfaa haadhaafis ta'ee ba'aa isheefis waliin ta'uun itti gaafatamuummaa kunuunsuu qabdu. Har'a barmaatiilee miidhaa geessisan waliin haasofna.

Waa'ee barmaatii miidhaa fidan eenyutu natti hima? .... Tole Simalee

**Simalee:** Irga mursiisuu, Kittaannaa intala dubraa.

**Amartii:** Baayyee gaariidha. Huuba qoonqoo mursiisuu, kittaannaa dubraa, buttii, heeruma umrii malee akkasumas miidhaa qaamaa da'imman irratti raawwachu barmaatiilee miiidhaa geessan keessatti ramadamu. Mee maal haa goonu jettan? Tole Fatiyaa.

**Fatiyaa:** Midhaa isaa kana maatii iddo hundaa jiran barsiisuu barbaachisaa.

**Amartii:** Baayyee gaariidha. kan biro hoo?

**Obsee:** Barteeawan miidhaa geessan miidhaa akka geessan yoo beekkamee, warra raawwatan seeraan yoo gaafataman ni hirata jedhamee yaadama. Gochoota baarmaatiilee miidhaa geessan daa'imman irratti miidhaa akka geessisu erga beekne raawwatuu dhabuu, isaan biroos akka hin raawwannee barsiisuu qabna jennee yaadna. Yeroo asii gara manaa galluu olla fi namoota naannoo keenya barsiisuu qabna jedheen yaada.

**Amartii:** Kun yaada bareedaa dha.

**Obsee:** Ana xiqqoo kan na dhibu daa'imman keenya wajjiin muuxannoo waliin dubbachuu qabnuakkam yoo ta'e wayya.

**Amartii:** Kun gaafii gaarii dha Obsee. Isaanitti dhihaannee dubbisuu; miira keenya quoduufi fi miira isaaniis irraa quoddachuu qabna. Ijolleetti iyyuu

arrabsuu fi sodaachisuun sodaataa; kan waa shakkaniif fi akka ofitti hin amanne  
isaan taasisa

**Fatiyaa:** ijoolleen dubraa kitaanamuun hin qabdu kan jedhamuuf hoo maaliif?

**Amartii:** Naannolee baay'eetti intalli dubaraa yoo hin kittaanamin meeshaa  
cabsiti; abbaa warraa ishee rakkifti jedhamee yaaddama. Kun gonkumaa waan  
dogongora ta'eedha. Kanarra itala dubaraa kittaanun abbaa manaatti kan hin tollee  
taasisuun diiggaafiyuu saaxiluu dandeessa. Keennaa ishee kan ta'e miira  
saalqunnamtii ishee jalaa fudhanna. Kanaafuu haala kamiinuu ijoollee dubaraa  
kittaansisuu hin qabnu. Kana yeroo deebitan maatii biro barsiisuu qabdani. Irga  
baasuu fi qoonqoo muruunis keessattuu meeshaalee qulqullina hin qabneen yoo  
tahe daa'ima sanarratti dukkuba dhaabbataa itti fida darba. Maaloo maatiin ijoollee  
qoonqoos ta'ee yoo dhukkubbii ilkaanii qabaatanillee gara mana yaalaa geessaa  
malee wantoota fayyaa daa'immanii miidhan akkanaa kana raawwachuurraa  
ofeega.

### Ceesiisa

(Iffeektii karaa irraa)

Gara manaa deebi'aa

**Obsee:** Nammaa akkamiiti kan dubbattee nama amansiiftu?

**Sjmalee:** Onnee ishii irraa haadholii fi daa'immanniif akka yaaddu ni beeksisa.

**Obsee:** Ijoollee loluuni, abaaruu, arrabsuu hanga kana mara miidhaa qaba jechuu  
dha? Si hin ajaa'ibuu yeroo tokko tokko wannani ani isaaniin hin jennee hin jiru.

Askaala: Dhiisuudha Obsee!

- Ceesisa - /Back Announcement/

### **Daa'imman Bar-Maatilee Miidhaa Geessisan Irraa Haa Baraarru!!!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayya fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitti Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Xiqqaa 14: - Maatiin Hordoeffii Daa'imman Isaanii Gabbisuu.

### **Taatota**

- Simalee

- Galataa

- Haadha Galataa (Boontuu)

### **Seensa (Meeshaan dabaalu)**

Sagalee qiillisa Sahaana fi Teessoo sirreessuu ni dhagahama.

**Galataa:** Ijoollee Baayyee Gaariidha. Egaa hundi keenyaa har'a akkanatti walgargaarree ciree qopheessinee dhiheessineera.

**Simalee:** Anaa fi harmmeen Afferamtoota.

**Galataa:** Akka isin qopheessitanittii mi'aayuu baatuus walgargaaruu fi ulfaatinna hojichaa hubannee jirraa.

**Simalee:** Jaarrsi kiyyaa fi ijoolleen kiyya cimtoota. Ilmaan koo ganamaan hirriibaa kaatanii mana sirreesitanii abbaa keessan gargaartanii. Cimtoota

**Galataa:** Ciree gaarii isiniif yaa ta'u.

(Sagalee qiillisa Sahaana fi Teessoo sirreessuu ni dhagahama)

**Simalee:** Baayyee mi'aaya. Galatoomaa. Harmee Akkami?

**Boontuu:** Baayyee Mi'aaya ilma koo! harki kee yaa eebbifamu.

**Boontuu:** Ilma kiyyaa amma ammo abbaan warraa haadha warraa isaanii ni gargaaru. Yeroo keenyattiakkana hin turre. Walgargaaruu gaariidha. Galataan koo meeshaan bishaan ittiin dhugan kufaayyu hin kaasu ture.

**Galataa:** yeroodha kaa harmee koo. Yoo isaan hin gargaarin nurraa miidhamu. Harmee garuu akkam ture?

**Boontuu:** Ni baha. Ni hojjeta. Deebi'ee gala. Kan dhiheessineef ni nyaata. miti. Ni baha. Ni hojjeta. Deebi'ees nigala. Ijoolleen eessan deeman essan dhufan wanti jedhu hin jiru. Numatu wayita gufatanis isin jajjabeessinee; gara mana barumsaa isin erginee isaan simannu. Amma immoo jijiirameera.

**Simalee:** Garuu harmee bakki hunduu hin jijiiramnee bar. Ilmaan isaani kan hin hordofnee abboota qafaa mitii haadholiinis baayyeedha.

**Boontuu:** Dhugaa dha. Garuu nuti homaa hin jennuu miti?

**Simalee:** Nyaadhaa malee. Ifaa ni quuftee mitii? Hundi keessanuu moo? Tolee harka dhiqadhaatii aduu xiqqoo oo'iifadhaa. Nu'illeen haa taphannuu.

**Simalee.** Hanga xumuranitti jedheetii. Abbaa warraa kiyya jaalatamoo amma hommaa hin jennuu xiqqoo nu hafaa. Ijoollee yeroo taphatan; barummsa isaanii, dubbii isaanii fisochii isaanii hunda bifa adda ta'een hordofuun nu barbaachiisa. Ilaalcha isaanii, waahiloota gola keessatti waliigaltee barataa wajjiin qaban; barsiisoota isaanii wajjiinis walitti dhufeenya qaban hundaa hordofuun barbaachiisaadha. Nuti hoo akkam abbaa warraa koo?

**Galataa:** Dhugumatti nu hafa.

**Simalee:** Yeroo taphatan miidhaan akka irra hin geeny; iddo itti taphatan manattiis mana baruumsaattis laaluu qabna. Eenu fa'a wajjiin oolu. Fedhiin isaanii, kennaan isaanii maali? Kunneen hunduu hordoffii barbaadu.

**Galataa:** amalli wanna hordoofamuu keessa tokkodha.

**Simalee:** Badii yoo qabaatan badii irraa akka deebi'an taasiisuun; waan gaarii yeroo hojjetan badhaasuun yoo balleessan ammo waan isaan barbaadan dhoorgachuun akka badii irraa fooya'an taasiisuu. Dhugumatti nuti ammo akka hawwoota tokko tokkootti dhibaa'oo miti.

**Galataa:** Abbootiin ani beeku jiru. umrii daa'immanii fi sadarkaa barumsa saanii kan hin beeknee (ni kolfu) immoo baayyeedha.

**Simalee:** Abbaan tokkoo sadarkaa ilmii isaa baratu hin beekuu yookan umrii hin beeku jechuun ilma san irraanfatee jira jechuudha.

**Galataa:** Abbootiin durii hoo akkami laata? Harmee amma ani umriin kiyyaa meeqa?

**Boontuu:** Afachuu mee! eeyyeen! Kun yeroo Jeneraaloonni Fonqolcha Mootummaa taasiisan dhalatee.

**Simalee:** Yeroo Jaanihooy jechuu keetii harmee? (kolfaa)

Boontuu: Lakkii kan Dargiiti kan Mangistuu Hayla maariyam.

(Simaleefi Galataan kolfu)

**Simalee:** Dhalachuu kiyyaaf na galmeessiftee ree?

Boontuu: Galmee Maalii fiddee ammo? Abbaan kee guyyaat ati dhalattee fi sa'aa issa wajin yaadannoo isaa irraatti barreessee jira.

**Simalee:** Yaadannoona ni jiraayii?

**Boontuu:** Naa dhiisii mee Intala tiyyaa Waan meeqaa kamtuu badee

**Simalee:** Anii ammaa umrii jaarsa kiyyaa meeqa akka ta'ee hin beeku

**Boontuu:** Ana osoo siin jedhuu moo intala koo

(sadanuu ni kolfu)

Galataa: harme, Beekaa Gooti

(sadeenuu ni kofluu)

**Simalee:** harmee koo da'imman duraan hin galmaayan ture. Baayyeen isaanii mana keessatti dhalatan. Amma ammo daa'imman akkuma dhalataniitti galmaayuu qabu.

**Boontuu:** Isin kunoo ni beektuu miti ree

**Simalee:** Nutii akka keetitti yoo hin yaadatin hoo

**Galataa:** Akka carraa yoo dabarre hoo

**Boontuu:** si'I maali immoo! lakkiiakkana hin jedhamuu!

**Galataa:** Dhiifama harmee! Haa ta'uu malee martuu hin yaadatumuu. Yoo turees ni dagatama. Daa'imman akka dhalataniin Galmee taatee dhalootaa irraatti yoo hin galmaayin faayiddaa baayee hin argatan.

**Simalee:** Dhugaa isaati harmee. Baadiyaa kan jira jiru. Magaalaa kan jiran jiru. Kan akka hiriya keetii Muhaammad faa kan buqqaa'anii jiru. Godaantota ta'anii kan dhufaniis jiru. Nubiraayis sababa rakkootiin godaanani kan deeman jiru.

**Boontuu:** Isaan hoo akkam ta'uu ree. Kan buqqa'an; kan godaan.

**Simalee:** Isaan ammo dirqama biyyaa itti godaan saniiti. Ani kan siin jedhuu umriin isaanii galmaayee yoo kan taa'uu ta'ee yeroo kamuu ragaan ni argama.

**Boontuu:** Akkam akkam?

**Simalee:** Harmee gaafa deebi'anii biyyaa isaanii dhufan raga dhaloota isaanii ni argatu. Ilmaan eenyuu akka ta'an; yoom akka dhalatan; ragaaleen isaanii baay'een ni galmaa'a.

**Boontuu:** Intalaa dhugaa jettaa bari. Mee abbaa warraa kee maqaa akkaakayyuu kee booda jiru natti himi jedhhii

**Simalee:** Mee natti himii kaa

**Boontuu:** Yoo beekee mitii

**Boontuu:** Abbaa isaa gaafa innii umrii waaggaa sadii boqatee. Naannawa keenya fiirri hin jiru. Homaa hin jiru. Anis gosa isaa qoradhee itti heerumee miti. Agartee akka ati jettee barreefamaan osoo jiraatee ni argatta tурте; isa kan dhalee ebalu jedhamee ni beekkama турте.

**Simalee:** Agaartee harmee daa' immanakkuma dhalataniin galmaayuu qabu kan jedhameef kanaafi. Kanarratti gara baadiyaa yoo deemte umrii malee heerumuun ni jira. Magaalaa keessatti ammo umrii malee hojii hojjeechiisu, daddabarsa namaa seeran alaa, waliigalaatti umrrii isaanii beekanii deeggarsa seeraa akka argatan umriin isaanii galmmeeffamuu qaba.

**Galataa:** Kanarratti walitti hidhamiinsaa maatii cimsa. Ani eenyuummaa abbaa abba kiyyaa osoon beekee fira baayeen argadha miti ree. Yoona maaltu beeka Caaltuun fira abbaa koo osoo taattee.

**Boontuu:** Afaan kee qabadhu kun maal jedha ammo?

**Galataa:** Harmee nanqooshee bari. Isa anis qulqulleefadheera.

**Boontuu:** Tole amma naa hayyama buna danfiseen isin obaasa.

- ceesisa / back announcement/

**Maatii Fi Guddifootni Daa'imman Naannoo Manaa Fi Maneen  
Barnootaatti Hordofuun Dirqama Keenya Yaa Baanu!!!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Hordoffii Amala Daa'immanii (Ispootii 15- Ispootii 16)

Kutaa Xiqqaa 15: -Daa'imman Amala Gaariin Qaajeelchuu.

### **Taatoota**

- Dhaqqabaa

- Obsee

-Eebbaa

- Daraartuu

- Jiituu

### **Seensa (Meeshaa)**

(Dhaqq; Eebbaa; Daraartuu fi Jiituu bakka tokko taa'anii jiru. Dhaqqabaan of irra taa'ee isaaniin qixxaatee Obseen Waadaa hammattee gara achi aanuun teetee jirti.)

**Obsee:** Dhaqqabaan hara'a dheerinni isaa Jiituu faa wajjiin walqixxaateera.

**Dhaqqabaa:** Kootu atis jilbiinfadhuu nuun walqixxeefadhuu.

**Daraartuu :**(sagalee kolfaan) Harmee kunoo naan qixxaattee.

**Dhaqqabaa:** Kuno amma hundinkeenyaa wal qixa taaneera. Gara tapha keenyaa.....

**Dhaqqabaafaa :**(Yadaloodhaan) ijoolee barbaaduu dhufnee har'a ganamaanii.

**Obseefaa:** (Yaadaloodhaan) Eenyu barbaadu dhuftan har'a ganamaanii.

**Dhaqqabaafaa:** (Yaadaloodhaan) Waadaa barbaadinaa har'a ganamaanii.

**Obseefaa:** (Yaadaloodhaan) Waadaan dhufee kan fudhatuu eenyutu jira jabaan.

**Dhaqqabaafaa:** (Yaadaloodhaan) Waadaan kan fudhattuu jabduu Jiituu qabnaam

**Daraartuu:** (Jiddutti adda kuttee) lakkii anatu fudhataa

**Dhaqqabaa:** (Rifatee) Itti yaa fufnu nutis Jiituun tole jennaa?

**Dhaqqabaafaa:** (Yaadaloodhaan) Obbooleettii teenyaa jabaadhu jabaadhu hin moo'amin Obbooleettii teenyaa jabaadhu jabaadhu hin moo'amin  
Sararra bira harkifnee si dabarsineerra.

**Dhaqqabaa:** Ooo! Harmee injifatamtee. Amma dafii Waadaa nuu kenni.

**Obsee:** Kunoo...

**Dhaqqabaa:** Koottu mee Leenca kiyyaa. Mee si yaa hammadhuu.

Jiituu koottu dhungadhu.... Jabduu tiyya

Daraartuu ..... hin jirtumoo.

Maal raajiin muufattee deemtee.

Daraartuu koottuu...dafii koottu.

**Daraartuu:** Hunduma keessanuu hin jaaladhu. (balbala gaa gootee isaanirratti cufti)

**Dhaqqabaa:** (Sagalee olkaasee) Garam deemaa jirta Daraartuu? (sagalee isaa gadi qabee) Daraartuu amm sirrii jirti harmee koo? (Obseedhaan)

**Obsee:** Siirrii hin jirtu sababnii isaa nu wajjiin shaakalaa ana wajjiin harkisaa kan jirtu Jiituu ta'uu beekteera. Osumaa taphattuu jeeqamuun ishee sirrii miti.

Kannarraanuu wanta hundumaa muufachiisu dubbatteera. Balbalas ofittummaan nurratti cufteera.

**Dhaqqabaaa:** kanaafuu adabbiin ishee. aal ta'a?

**Obsee:** Har'a waan balleessiteef badhaasni ishee darba.

**Obsee:** Kanaafuu Badhaasni har'aa isii yaa dabruutii guyyaa itti aanuu nu wajjiin deemti. Har'a Daraartuun harmee wajjiin taati. Eebbaan fi Jiitun mana warra Simalee Kuulaniifa'a wajjiin taphattuu jechuu dha. Yeroo itti aanuutti yoo fooyyesite immoo ni deemti.

**Dhaqqabaa:** Baayyee gaariidha. Amma uffata keenyaa haa jijjiirannu

- Ceesisa -

(Sagalee Kottee)

(Balballii rurukutamaa jira.)

(Sagalee waca ijoollee)

Balballi ni banama

**Simalee:** Jaalattoota koo Baga nagana dhuftan. (Keessaa daa'imman sagalee gammachuu dhaggeessiisu)

**Obsee:** Baga nagayaan nuu eegde.

**Simalee:** Isin eegaa turrem. Daa'imman akka malee jarjaran. (xiqqa turree) Ijoollee oddoo keessa taphadhaa. Nuti ammo xiqqoo turree wajjin taphannaa. Ishoo jadhaa kaa garuu Dareen hoo? (Waca sagaalee kotteetu dhagahama. Ergasii immo Fageennya irratti sagaleen tapha ijoollee backgraundin dhagahama.)

**Simalee:** Dareen maaf hafte?

**Obsee:** Dareen badii balleessitee addabbii irra jirti.

**Obsee:** Daa'ima barbaaduu dufne osoo taphannuu gidduudhaan qaanoofte. Seera taphichaatiin ala taateti. Ergasii booda hunduma keessanuu hin jaaladhu jettee balbala narratti cufte.

**Simalee:** Adabbichi gaariidha. Lammuu akka hin balleessinee taasiisa. Nuuriyan akka nuttii himteetti ijolleen yeroo balleessan waan issaan barbaadan dhoorgachuu malee; arrabsuu; reebicha ulee fi abaruun da'imman daran balleessa. Badii isaanii irraa barachuu caalaa soodaataa fi kan nama shulatu ta'a. Badii isaanii amananii of sirreessuu caalaa maatii isaanii gammachiisuuf qofa raawwatu.

**Obsee:** Galataan har'a hin jiruu?

**Simalee:** Sitti himee tureeyyu har'a hojii seenee

**Dhaqqabaa:** Jedhaa isin taphadha ani ijoollee waliin yaa ta'u.

**Obsee:** Yaa ta'u. Harmeen hooakkam jiruu?

**Simalee:** Haalaan Nagaa qabdi. Ijoollee Daree akkuma gootan waan isaan jaalataa dhoorgachuun amala isaanii sirreessuun gaariidha.

**Obsee:** Wantoota carraa lammaffaa namaaf hin kennamnetu jira. Iddoo jiranitti waa'ee guddisa fi qabiinsa daa'immanii waan dhageenne warra biraattii yoo himne yeroon bira hin darbu. Keessattuu ijoolleen amala gaarii qabaatanii akka guddatan gargaara.

**Simalee:** Sirii dha. Wantoota warri daa'ima hundi beekuu qabaniidha. Jalqaba irraatti ijoolleen wanta jaalatanii fi isaaniitti hin tollee beekuudha. Nutis waan gaarii raawwachuun isaanis nu ilaalanii akka irra deebine taasiisuudha. Daa'imman isaan gorsuu caalaa waan raawwannuu agarsiisutu gaariidha. Dabalataan daa'imni akka gaariitti kunuunfamee fi kan akka fedhetti guddate garaagarumma isaanii hundumtuu naannoo isaatti ni beeka.

**Obsee:** Simalee koo sirii jettee. Gorsaa yoo oolte si hin dhagahan. Si hin dhageefatanis. Waan ati gootee agarsiiftu garuu ni hiikkatuu. Yoo balleessanis ammo waa'ee badii isaanii ifatti waliin dubbachuu, yeroo tokkoo yaada dubbatame ammaa amma jijiiruu dhiisuu. Yeroo hunda yoo balleesan obsaa fi abdii kutuu dhabuun gochaan isaan sirreessuu yaaluu qabna.

(Sagaleen wacaa ammas ni dhagahama)

- **Biriiji (back Announcement)**

**Daa'imman Mari'achiisuun; Waan Hin Malle Yoo Raawwatan Waan Isaan  
Jaalatan Dhorgachuun Waan Gaarii Isaan Hojjetan Irratti Immoo**

**Jajjabeessuu Fi Badhaasuun Abbaa Amala Gaarii Yaa Taasiifnu! Amala  
Dabaa Irra Isaan Yaa Deebsnu!!!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Xiqqaa 16: -Teeknooloojii Sirnaan Fayyadamuu- TV, Mobayila fi  
Koompuyutara.

**Taatoota**

- Ogeessa Fayyaa (Amartii)
- Obsee
- Simalee
- Muhaammad

**Seensa (Meeshaan dabaalu)**

Sagaleen daa'immaniitu dhagahama. Waca haawwootaatu dhagahama-  
iffeektiidhaan.

**-ceesiisa-**

**Amartii:** Egaa Keessattuu haadholiin akkaataa haala guddiisa daa'imanii adda adda haasofnee jirra. Wanta na gaafatan akka qabdan dursiitanii natti himtanii jirtu. Dabaree dabareen gaafachuu ni dandeessu. (turtii muraasa booda) tole hanga ammaa dabaree kan hin argatin..... A A A Achi bira Simalee

**Simalee:** Anaa fi namoonnii biraan sirraa dhageenyee waan baranne namoota biraas barsiisuu jalqabnee jirraa. Anii waa'ee teeknoolojii gaafachuun barbaada. Moobaayilli daa'imman keenyaan addaan nu fageessa jira. Kanaafuu maal nu gorsitu.

**Amartii:** Bilbila, Teelevishiinii, Koomputara akkam goonee jirenya keenyaa fi daa'imman keenya wajjiin wal simsiifna gaafii jedhu natti fakkaata. Sirrii dha Simalee.

**Simalee:** Eeyyee akkas

Amartii: Baayyee gaariidha. Jalqabaratti ogeessonni daa'imman teeknoolojii irraa fageessuun furmaata hin ta'uu jedhu. Waantoota manaaf nu barbaachiisu hunda moobaayilaan bitachuu jalqabneera. Jalqaba irraatti Teeknoolojiin faayidaa fi miidhaa daa'imman keenyaaf qabu laaluu qabna. Eegasii booda akkamitti daa'imman keenyaa osoo nurra hin miidhin guddisuu dandeenya kan jedhu ilaalla. (turtii muraasa booda) Wanti ifa hin taanee jira nattii fakkaata. Achi bira obbooleessa kiyyaa harka baste natti fakkaata.

**Muhaammad:** Ani maqaan kiyyaa Mahaammad jedhama. Maatii kiyyaa wajjiin iddo biraarraa buqqaanee kaampii baqattootaa as jiru keessa jiraachaa jira. Obbooleettiin tiyyaa Simaleen fi waahillan isii waa'ee guddisa daa'immanii yeroo mari'atan fi barumsa asitti keennamuuf kana natti himan garuu akka isaan jedhanitti wanti hunduu ni dabra. Haallii jirenyaa daa'imman keenyaa itti fuufaa

waan ta'eef waan fayyadu nan argadha jedheen dhufee. Garu nuti warrii baqattoota abbootii fi daa'imman mooraa kana keessa jiru wanti tokko tokko qananiif fakkaachuu mala. Garuu mooraa baqattoota keessa taa'anii dubartootni dahaniif fi ilmaan guddaatanis jiru. Barumsi keetis bareedaa dha. Aniis lammii kiyyaa achi jiraniif barumsa kana barsiisuudhaaf keessattuu iddo yeroo itti dabarsan tokkoo hin jerree keessa jiraannu fi mooraa yeroon hojii malee dabarsinu bal'aa ta'ee kana daa'imman bilbila harka keenya irratt argamu kana akkamitti yaa fayyadamnu? Isaanis akka nu jalaa amala hin taanee akka hin qabanneef. Ammo wanti isaan beekuu qabanis akka jalaa hin hafne? Galatoomaa.

**Amartii:** Obbo Muhaammad duraan dursee ofii keetiif qofa osoo hin ta'iin namootaa mooraa baqattoota keessa jiraniif dhiphattee dhufuu keessaniif galateenfamuu qabdu.

(Harka walitti dhahaniif ni dhagahama)

Iddoo fi haala kamuu keessa daa'imman jiran daa'imuma. isaaniif. Mirga wal qixa qabu. Wanti ta'ee rakkoo daa'imaatii miti. Akkuma jedhameetti daa'imman jireenyi isaanii keessatti waan baayyeetu eeggata. Kanaafu warroota birootiifis ergaa kana nuu gahiin. Amma boodas kan hafaniis barumsa as jiru kana akka isaan hin dabarree nuuf afeerii.

**Muhaammad:** Baayyeen si galateeffadha! Akka atii naan jettee nin raawwadha.

**Amartii:** Egaa barumsii kun buqqaatota akka dabalatuu yaadiiti na hordofi. Teeknooloojiitti akka ofeeggannoon fayyadaman yoo isaan gargaarree daa'immaan keenyaaf karaa barumsaa ariifata ta'ee ittiin argatan ta'a. Yeroo tokko nageenyummaan isaa kan ewggamee fi haala maddaallameen odeeffannoowwan

teeknooloojiidhaan barbaadanii argachuu yoo danda'an isaanis wantoota faayida isaaniif qabu argachuu itti beeku.... gaafii dha Obsee? tole itti fufi.

**Obsee:** Daa'imman Bu'aa teeknoolojii umrii isaaniitiif hin gitineef hin madaallee yoo fayyadaman raakkoon fidu maali.

**Amartii:** Gaafii baayyee bareeda ta'eedha Obsee. Qabiyyee isaan fayyadu yookan guyyaadhaan fuula agarsiistuu irratti yeroon dabarsan yoo dheerate rakkoo hawaasummaf isaan saaxila. Faalla'uu haala hirriiba isaan muudatu danda'a. Gaaga'umsa xiin sammuu keessa seenuu. Akkuma qabiyyee ilaalanitti amala gara-jabeessumma godhatuu malu. Kophummaa fi adduunyaan kun maal naa godha mira jedhu keessa galuun hanga lubbuu isaanii of balleesuuf danda'u. Baayyees arginee jirra. Biyyaa keenyaa keessatis amma amma baratamaa dhufee jira. (yeroo muraasa booda) tole Simalee itti fufi.

**Simalee:** odee effannoo hedduu walitti qabattee akka jirtu nutti himtee jirta nuti maatiin maal godhuu qabna?

**Amartii:** Duraan dursee daa'imman keenyaa wajjiin bilisa taanee teenyee irraatti mari'achuu dha. Faayidaa fi miidhaa isaa waan beeknu itti yaa himnu. Isaanis waan jedhan yaa dhaggeeffannu. Kanaafuu wantoota lama ofeeggannoон itti yaa himnu.

Jalqabaa irraatti daa'immaan keenya fuula iskiriinii irraatti hamma turuu qaban murteessuu yoo ta'u lammaffaan ammo qabiyyeen isaan ilaalan umrii isaanii wajjiin wal simuu kan dandaiu yoo ta'e qofa dha.

Daa'imman teelevishiiniis ta'ee moobaayila guyyaatti sa'aa meeqaaf ilaaluu qabu? Kana ogessoota gaafadhee jira. Daa'imman wagga 2 hanga wagga 5 jiran sa'aa barumsaatii ala guyyatti sa'aa 1 ol iskiriinii irra akka hin turree kun ammo

wiixataa hanga jimaataati. Sanbataa fi dilbata waliigala sa'aa 3iif akka ilaalan gorfama.

Obsee: Waggaa 6 ol warraa ta'an hoo?

Amartii: Ijoollee waggaa 6 olta'an immoo waliin mari'achuunii fi qabiyyee isaan ilaalanis muurteessitanii, dheerrinni turtii qayabannaaf barbaachiisu, isin wajjiin taphatnii fi yeroo isaan barbaachisu murteesitanii waliigaltee waliiniitiin murteessuu ni dandeessuu.

- **Biriijii (back announcement)**

**Ijoolleen Fayyadamoo Teeknooloojii Akka Ta'aniifi Qabiyyeewwan  
Umurii Isaanii Wajjin Walsimuu Fi Barnootaaf Gargaaran Akka  
Fayyadaman Haa Gargaarru. Hordoffii Sirriis Haa Goonu!!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Jaha- Ijoollee Fedhii Addaa Qabaniifi Ijoollee Dubartootaa (Ispootii 17- Ispootii 19)

Kutaa Xiqqaa 17: - Yaada Dogoggoraa Warri Waa'ee Daa'imman Fedhii Addaa Qaban Irratti Qaban Hir'isuu

### **Taatota**

- Dhaqqabaa
- Obsee
- Ijoollee

### **Seensa (Meeshaa)**

**Obsee:** Ijoollee har'a abbaan keessan yaada isinif himu qaba. (Ijoolleen bakka tokkootti) Tole.

**Obsee:** Akkuma baratame filannoo keessaniin isin siree keessan irra teechu, anaa fi abbaan keessan afata irraa teenya.

**Dhaqqabaa:** Anadha kan afata irra taa'e, ati offirra quphantee jilba kee irra teesse.

**Obsee:** Isiinitti hin tolu ijolle? (muraasa booda) Rakkoo hin qabuu miti isin galatoonfadha.

**Dhaqqabaa:** Egaa ijoollee har'a wantii dursee isinitti himu yeroo darbe Daraartuun Mucaa qaroo dhabe tokko wajjiin mana barumsaatti walbarattee gurbaa kana hiriya taasifadha jette gaafattee irraatti bu'uureefata. Sana dura qaamni

isaanii kan miidhamee yookan waa'ee daa'imman fedhii addaa qaban akka waliigalaatti ilaalla.

**Dhaqqabaa:** Gaafii Daree sirriitti deebisuuf dursee ani wa'ee kana irraatti barreefamootaa fi qo'annoo taasifamee irraatti dubbisee fi ogeessa gaafadhee deebii qophesseen jira.

**Daraartuu:** Abbaa koo ati baayyee cimaadha! Sinjaaladha!

**Dhaqqabaa:** Anis si jaalladha intala tiyyaa! Hunda keessanu isin jaaladha! Akkasumas gaafii gaafataniif deebii deebisuun dirqama kiyya.

**Daraartuu:** Fedhii addaa jechuun maal jechuu dha Abbaa koo.

**Dhaqqabaa:** Baayyee gaariidha daa'imman fedhii addaa qaban yoo dhalatan ykn erga dhalatanii booda miidhaa qaamaa yoo qabaatan baratuufis ta'e akka waliigalaatti deeggarsa kan barbaadaniidha. Fedhii addaa kan jennus deeggarsa addaa kana. Yoo deeggarsa argatan dandeettii baayyee nama dinqisiisuu fi sammuu ifaa ta'e kan qabanii dha. Obsee gaafiidha? Tole itti fufi.

**Obsee:** Namoonni tokko tokko qama miidhamuummaan abaarsa waaqaati, dallansuu waaqaa godhanii fudhatu. Maatiin yoo abaarsa qabaatandhaa ijoolleen isaanii qama miidhamoo kan ta'an?

**Dhaqqabaa:** Dogongora. Qama miidhamuumman abaarsa waaqaatiin yookan dallansuu waaqaatiin hin uumamu. Qama miidhamuummaan yeroo daa'imummaa nyaata madaalawaa argachuu dhabuun, yeroo waraanaatti daa'imman saaxilamuu waan danda'amaniif uumamuu ni danda'a. Sababa dhiveetiinis daa'immaan yaala gahaa hinargatin qama miidhamaa ta'uu danda'u. Dabalataaniis sababa balaatiin daa'imman qama miidhamaa ni ta'uu.

**Daraartuu:** Abnaa koo! An kan siin jedhe isa wajjiin hiriyaan ta'uu danda'a? Kan jedhuudha.

**Dhaqqabaa:** Intala tiyya eeyyeen tahuu ni dandeessa. An waa'ee isaas sirriitti beektee akka hiriyaan isaa taatuufan sitti himaa jira.

**Daraartuu:** Galatoomii abbaa koo. Tole. Anis sirriitti beekuuun barbaada.

**Obsee :** Maatiin tokkoo tokko daa'imman qama miidhamoo ta'an ni dhokusu. Kun hoo ta'uu qabaa?

**Dhaqqabaa:** Kun gonkumaa ta'uu hin qabu. Maaliif dhoksuu? Yoo dhoksan yookan namoonni akka namni hin arginee yoo taasiisan hin baratan. Gargaarsas akka hin argannee ta'u. Qaama miidhamuumman akkuma ilmi namaa gargar ta'eetti qama miidhamuummaniis garagaruumma jiru kana keessatti akka eenyummaa tokkootti fudhatamuu kan danda'uudha. Haa ta'uu malee gargaarsa addaa barbaadu.

**Obsee:** Abbootiin Daa'ima qaamaa miidhamaa yoo qabaatan maal gochuu qabu?

**Dhaqqabaa:** Gaafii gaarii dha. Abbootin daa'imma akkanaa qaban wanti raawwachuu qaban, daaimman isaaniitiif yeroo gahaa ta'e kennuu fi qabu. Sirriitti isaan haasoofsiisu. Keessattuu jechoota salphaa ta'e kan isaan haasa'uu danda'an barbaachisa. Wajjiin taphachuu fi wajjiin kolkuu ni fayyada. Wanta naannoo isaanii jiran gadiifageenyaan garuu haala salphaa ta'een fi haala galuu fi danda'uun ibsuufi qabna. Sagalee baasuun haasoofsiisuu fi sagalee dhagahaniif ammo deebii akka kennan irra deddeebiin yaaluu qabu.

**Daraartuu:** abbaa koo ani isaaf maal godhuufiin danda'a?

**Dhaqqabaa:** Intala koo jalqaba irraatti ati hiriyaan nama qama miidhamaa tahuu filachuun keetuu waan guddaadha. Wanti anis kana hunda sitti himeef ijoollee birootifs akka barsiiftu fi wajjiiniis akka taa'anifi; wajjiin akka taphatan fi waan inni barbaadu irratti akka tumsan barsiisuu dandeecha.

**Obsee :** Seenaan har'a nuttii himtu hoo maal ta'a laata?

**Daraartuu:** Eeyyen hara'as rafuu keenyaan dura seenaa akka nutti himtu barbaanna.

**-ceesiisa-**

**Dhaqqabaa;** Seenaan ani amma isinitti himuuf jedhu gaaffii Beetii wajjin wal qabata. Maqaan haadha seenaa kanaa Helen Keller jedhamati. Isheen jaamaa turte. Garuu waan namoonni arguu danda'an caalaa hojjetee addunyaa kanarraa darbiteera. Ijoollee Helen Keller kitaabota 14 barreessiteetti. Qaama miidhamtoof deeggarsi fooyya'an akka taasifamuufis qabsaa'aa turte.

Ijoollee Helen Keller yeroo wagga tokkoo fi ji'a torba taatu sababa dhukkubaatiin qaroo ija ishee fi gurraa dhabde. Wagga torbatti dubbisuu fi barreessuu baratte. Itti aansuudhaan Yunivarsiitii beekamaa Ameerikaa Haarvaard seentee nama gurri hin dhageenyee fi ija hin argine jalqabaa taatee digirriin ebbifamte. Maatiin ishee, barsiisaan ishee fi namoonni biroo beekumsa ishee akka fayyadamtu deeggaran. Biyyoota 60 ol deemtee jirti. Abbaa kalaqa bilbila Aleeksandar Giraaham Beel, Chaarlis Chaaplin fi barreessaa beekamaa Maark Taaween waliin michuu cimaa turte.

Helen Kelen Afaan Ingiliffaa, Faransaayi, Laatiin fi Jarmanii dabalatee afaanota shan sirriitti dubbachuu fi barreessuu dandeessi turte. Eegaa , Helen Keller

namoonni qaama miidhamtoota ta'an yoo deeggaraman dandeettii namoota biroofillee bu'aa buusuu danda'an akka qaban barsiisti.

**-ceesisa-**

Kanaaf egaa ijoolllee amma gara gaaffilee keessanii haa deemnu

Gaaffii jalqabaa: Qaama miidhamummaan Helen Keller maali?

- Baayyee gaarii Daraartuu! Isheen nama qaroo dhabeettii fi gurri ishee hin dhageenye turte.

2. Wagga meeqatti ture miidhaan qaamaa kan irra gahe?

- Hayyee Boonaa! Wagga tokkoo fi ji'a 7 tti.

3. Maatiin Helen Keller waa'ee qaama miidhamummaa ishee yeroo beekan maal godhan?

- Sirriidha. Ishee deggeruu jalqaban.

Ijoolllee baay'ee cimtoota isin!

(Walitti harka rukutu)

**- Ceesisa- /back announcement/**

**Warri Fi Guddistoonni Daa'imman Qaama Miidhamtoota Ta'an  
Dhoksuu Dhabuun, Gara Dhaabbilee Waldhaansaatti Geessuun,**

**Akkasumas Dhaabbilee Fedhii Addaatiin Barachuu Isaan**  
**Danddeessisu Barbaaduun Geessuudhaan Itti Gaafatamummaa**  
**Keenya Haa Baanu!**

---

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

---

Kutaa Xiqqaa 18:- Daa'imman Fedhii Adda Qaban Fedhiwwan Isaanii Hubachuuni Fi Deebii Kennuu.

**Taatoota**

- Amartii
- Haadholii ganda keessa jiran; dahumsaa taasisuuf dhufanii fi abbootii fi daa'imman
- Barsiisaa Tolasaa
- Simalee
- Muhaammad

**(seensa Meeshaan dabaalu)**

(waca Abbootaa fi Haadholii fi daa'immanii taatee keessatti dhagahama)

**Amartii:** Mee yeroo tokkoo gurra nuuf kenna (Xiqqoo turanii hunduu ni callisu-sagalee daa'imaan dabree dabree dhagahamu malee)

Abbootii qabeenyaa; jaarsoolii naannoo Haadholii akkasumas abbootiinakkam jirtu.

**Waltahiinsaan: Nagaaha Waaqini yaa galatu.**

**Amartii:** Kanaaf har'a isin bira dhufeera. Naannoo bareedaa qabdu. Bakki tapha bal'aa fi naannoon fayyaaf mijataa ta'e akkasii guddina fayya qabeessa daa'immaniif barbaachisaa dha. Egaa yeroo keessan daqiiqaa muraasa naaf kennuu keessaniif baay'ee galatoomaa. Ijoolleen keessaniifs akka kennitan ifaadha.

**Barsiisaa Tolaa:** Baga nagaan dhufte intala koo. Anaa, Hajii Huseen fi Paastar Addunyaa, akkasumas maqaa jiraattotaa gandaa keenyaa hundaan hanga iddo jirenyaa keenyatti dhufuudha nu barsiisuuf hayyamamoo ta'u keetiif si galateeffanna. Barumsa isin buufata fayyaa kanatti barsiiftu dhaggeeffachaa jirra. Baay'ee gammadneerra. Barnoonni kun ijoollee fi ilmaan ilmaan keenyaaf kan fayyadu yoo ta'u haadholiis ni humneessa. Sirrii mitii Hajii, Paastar?

**Amartii:** Baay'ee galatoomi. Abbootiin amantaa fi jaarsoliin naannoo barbaachisummaa barumsichaa hubachuuf as dhufaniif garaadhaa galateeffadha. (harka rukutuu)

- Har'a waa'ee qaama miidhamummaa fi daa'imman qaama miidhamtootaa dubbanna.

**Muhaammad:** Obboleettii keenya Amartii, osoo jalqaba waa'ee qaama miidhamummaa waan waliigalaa nutti himtee?

**Amartii:** Baayyee gaarii dha.

- Ilmi namaa hundi walirraa adda. Qaama miidhamummaanis akkanuma. Qaama miidhamummaan adda ta'uu miti. Deeggarsa gaafata. Ijoolleen keenya sababoota adda addaatiin qaama miidhamtoota ta'uu danda'u. Yoo kun nu mudate rifachuu dhiifnee akka miidhama isaanitti deggeruu qabna. Fakkeenyaaf, rakkoo sochii qaamaa yoo qabaatan ta'e, ulee deemsaa gargaaru, hirkatanii kan ittiin deeman wookar ykn wiilcheeriin si barbaachisuu danda'a. Manni fi naannoon isaanii sochii isaanii daangessuu hin qabu. Tokko tokko guyyaa guyyaan namoota isaan gargaaran isaan barbaachisuu danda'a. Miidhaan gahu adda.

**Muhaammad:** Osoo gosoota qaama miidhamummaa akka nuti namoota as hin dhufnetti himnuuf nuuf himtanii?

**Amartii:** Otizimii, hanqina dubbii fi dhageettii, barachuu dadhabuu, dhukkuba sammuu ykn hir'ina biroo kaasuun ni danda'ama. Isaan kana keessaa tokko ykn isaa ol miidhamuu danda'a.

**Obsee:** Miidhaan akkanaa yeroo daa'imman irra ga'u maal gochuu qabna?

**Amartii:** Yeroo kanatti wanti guddaan ilma dhoksuu dhiisuudha. "Dheekkamsa Uumaa ti. Abaarsaadha waan jedhuu fi wantoota dogongoraa biraatiin ijollee keenya dhooksinee deeggarsa akka dhaban taasisuun gara jabummaa guddadha. Kanaaf, bakka wal'aansi jiru, bakka barnoota itti argatanitti geessuun akkasumas hiriyoota biroo waliin akka taphatan gochuun barbaachisaadha.

**Simalee:** Garuu Narsii, ijoolleen kun sababa hir'ina qaamaa isaaniitiin taphachuu ykn barachuun itti hin ulfaatuu?

**Amartii:** Dhugumatti Ijoolleen qaama miidhamtoota ta'an akka warra kaanii haala barachuuf mijataa ta'e akka hin qabaanne beekamaadha. Hordofuif ni rakkatu. Haa ta'u malee, meeshaalee gargaarsa ta'an kan akka Bireelii, barsiisaa itti dhiyeenyaan isaan deeggaru, kan cimina xiinsammuu fi ofitti amanamummaa akka horatan gorsu yoo qabaatan ijoollee kaaniin walqixa barnoota isaanii hordofuu danda'u. Walumaagalatti daa'imman deeggarsa yoo argatan fulduratti jirenya isaanii hundaan milkaa'oo ta'u.

**Simalee:** Manneen barnootaa hin fudhannu jedhan jiru. Warrillee yeroo geessan hin mul'atu. Kana maal jettu?

**Amartii:** Ijoolleen qaama miidhamtoota ta'an gara mana barumsaa akka deeman gochuun dirqamaa fi itti gaafatamummaa warrati. Mana barumsaatti immoo deeggarsa argatanii barnoota isaanii akka hordofan taasisuun barsiisaa fi manneen barnootaa irraa eegalee dirqama hundaati. Daa'imman mirga barnootaa kan qaban yoo ta'u, kunis daa'imman fedhii addaa qaban ni dabalata. Kanaaf warri ijoollee akkanaa gara mana barumsaatti erguu qabu.

-Akkuma daa'ima kamiyyuu taphachuu barbaadu. Yoo qaama miidhamummaan isaanii akka barbaaddetti akka taphatan hin hayyamne ta'e waan barbaachisu gochuu qabna. Warri ijoollee biroo wajjin akka taphatan jajjabeessuun, ijoolleef yeroo sirrii fi jaalalas isaaniif kennuu qabna. Maatiin ifaadhaa? (gidduutti dhaabuu)

**Barsiisaa Tolaa:** Ilma keenya, baay'ee si galateeffanna. Barumsa amantiiwan keenya hunda biratti fudhatama qabu nu barsiiftte. Kan dhageenyee laphee keenya irra nuuf yaateechiisuu miti? Ani kan isiniin jedhu "**kan dhageenyee nama raawwatu nu haa taasiisu**"

-ceesisa-

**- Fedhii daa'imman qaama miidhamtootaa hubachuu fi deeggarsa barbaachisu gochuun guddina waliigalaa isaanii keessatti gahee olaanaa qaba.**

---

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitti Finfinneetti Giddugalli Baranootaafii Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

---

Kutaa Xiqqaa 19: - Dandeetti Daa'imman Dubraa Ijaaruu

### **Taatoota**

Simalee

Galataa

Kuulanii

**Ifaa**

**(Seensa Meeshaa Muuqiqaan)**

**(Waca Daa' immanii dhagahama)**

**Galataa: Ijoolle Nagumaani?**

**Simalee: Taphataa jiru ta'a.**

Kanarra harmee eenyutu gargaaraa?

**Ifaa: Isheedha!**

**Galataa: isheen eenyu!**

**Ifaa: kuulaniidha**

**Kuulanii : Atumti Gargaariin**

**Ifaa : (kolfaa) Dubartii mitii kan mana keessa hojjettu**

Galataa: Eenyutu akkana Siin jedhee Ifaa koo

Ifaa: Nan beeka kaa

**Simalee: Akkamitti beekte?**

**Ifaa: Akkanumatti beeka Amma abbaan koo ittoo hojjeta?**

**Kuulanii: qophaa'ii sumatu deema**

**Ifaa: intalli tun rakkoo qabdi. (baay'ee kolfaa)**

**Simalee: Maaltu Si kofalchiisa?**

**Ifaa: Abbaan koo yeroo Ittoo dalagu natti mul'ata. (Ammallee ni kolfa)**

**Galataa: Rakkoo Maal qaba?**

**Ifaa: (Kolfaa) Kan hin beeknee sitti fakkaataa? Ati Hojjedhu mee  
(Ammas Kolfaa)**

**Simalee:** Ifaa koo, hojii dhiiraa dubartii jedhamu hin jiru. Anaa fi abbaan kee yeroomaaf malee hojii alaa fi manaa adda qooddanneeti malee waljijjirees ni beekna.

**Galataa: Anii amma ittoo hojjedhee si agarsiisa.**

**Kuulanii: (Gammaddee Kolfaa) Mee gurbaa Akaakayyuu kiyya bira deemi.**

**Ifaa: Hin deemuu. Waan hin beekne seetanii?**

**Galataa: Ifaa deemii siin jedhe. (Lolee)**

**Kuulanii: (Kolfaatti)**

**Simalee: Korma kiyyaa. Hojii dhiiraa; Hojii dubartii kan jedhamu hin jiru. Nuu qofatu kan nyaannu fakkaata.**

**Galataa: Isiniis kophaa isinniif hin liqinfamu.**

**Simalee: Anis maalan jedhe?**

Boontuu: (sagaleeLaaftu taateen) Rabbirraa nyaanni gahee jira.

Qabbanaahuu qofatu hafa. (kolfaa) dargaggeessa kana kokofalchiisaa jira. Diiirri akkamitti ittoo hojjeta jedhee ajaa'ibsiifatee du'uu hedaa.

**Simalee: harmee atin maal jetta?**

Boontuu: Ittan himee kaa intala koo Hawwooliin keenya dubartiin ajajamtuu dhiiraatii jedhanii nu guddiisan. Intala dubraaf barumsi guddan

isii hin barbaachisu xiqqomatu gaha jedhaniinutti himan intala koo. Intala dubraaf hojiin isii guddaan bultii isiiti jedhanii da'imuumman nu heerumsiisan. Sana booda xaqqafis guddaafis harkaa dhiiraa ilaalaajiraannee. Manuma keenya keessatti akka homaa nu hin galchinetti jiraanne. Fayyaa fi barumsa daa'imaan keenyan afaan nu qabame .

**Simalee.** Akkasiti itti naaf himi harmee

**Boontuu:** Yoom kana qofa ta'e ilmaan koo? Amma Ifaan akka jedheetti intala dubraa daa'imummaa isaanitii kaasee matii isaanii hojii manaa gargaaraa, bishaan fagoo waraabdee fiduu..... barumsii hin jiru, qu'achuun hin jiru, maatii tajaajiluu qofa, dhiirti ammo sirriitti qo'ata. Ergasii maltu jedhama? San booda intala dubraaf barumsi maal godhaaf? Maarree ilmaan koo orraafatus anaa fi namoonni muraasni dammaqaniiru.

**Simalee:** Boontuu Atii bar dhugumatti abshaaluma.

**Boontuu.** Yoom kana qofa ta'ee intala koo? Eenyu tun osoo hin sodaatin mataa olqabattee deemtu? Nama dura dhaabbattee dubartiin dubbattu tan akkamiiti? (sagalee qoosa fakkaauun) ilmaan koo dubartiin cal'istu safuu qabdi jedhuun, kan yaada isii ibsattee garuu nama hin kabajinee jedhuun maqaa baasuuf. Nuuhiif maal nu fayyadée ilmaan koo.

**Simalee:** Homtuu harmee koo! Kana osoo beektuutii ilma kee huuba akka inni lafaa hin kaafne gootee kan guddisteef.

**Galataa:** (Kolfaa) Akkasii edaan harmee koo?

**Boontuu:** Ilaamee intala koo. Ani ilmaa koo kan dubraas kan dhiiraa garagarummaa tokko malee guddise. Walqixa hojii isaan barsiisee; ilaalcha

dogongoraa gadhee dubartootaaf qaban irra bilisa godheen guddise. Ati hojii laachuufi dinnaan si ilaalee sitti oftuule kaa.

**Galataa:** Lakki nan hojjeedha harmee koo yeroo dabree iyyuu.....

**Simalee:** Yoom hin hojjeettu jedhee? (Kolfaa) waggaatti immoo yeroo tokko ni hojjeetta.

**Boontuu:** Gargaari malee ilma koo! Atis hirmaachiis. Meeqaa kam hojjeetee dandeetta kaa.? Yeroo ani deemuu hafuura hin baafachiisin.

**Simalee:** Kunoo Ifaan isa ilaalee hojii dhiiraa hin hojjeedhuu jedhe kaa.

**Galataa:** Isaaf har'a Shiroo bareedduu isaa hojjeedhee itti agarsiisa. Ati ammo gargaaraa koo taata ilma koo.

**Kuulanii:** Bravo Aabbaa (kolfaa)

- **Ceesiisa** -

Sagalee sahaaniin wal rukututu dhagahama

**Kuulanii:** Ammaa Shiroo bareedduu nyaanna.

**Ifaa:** Abbaa koo ittoo hojjedhee biddeen waliin dhiheessa.

**Galataa:** Haadha keessan fi Akkoo keessan har'a harka keessan dhiqattanii soorattuu.

(Ammallee sagaleen sahaanii sokosuu dhagahama)

**Simalee:** Paa Dhugumatti shiroo bareedduudha. Akkasii mitii harmee.

**Boontuu:** Baayyee Mi'aawa.

- **ceesisa - /back Announcement/**

## **Ijoollee Dubaraaf Yeroo Barnoota, Qu'annaa Fi Taphaa Warra Dhiiraatiin Qixa Mijeessuufi Qabna!!!**

---

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

---

Kutaa Torba- Fayyadamuumma Dinagdee Dubartoota (spoti 20 – 22)

Kutaa Xiqqaa 20:- Qabeenya Waliinii Fi Galii Manaa Irratti Gahee Murtii Kennuu Dubartootaa Guddisuu.

**Taatoota**

**Simalee**

Obsee

Dhaqqabaa

**Ceesisa/ inistirument/**

(Muuziqaan ni dhagahama. Waa'ee dubartii ergaa gaarii kan qabu(yegna, Abet)

Link <https://youtu.be/DjqCEZO04yc>

Nu jalaa awwaadhaa ooo jedhaa ergaa qabnaa

Oo jedhaa abbaa waarra kanaa

Hanga jedhutti ni deema

**Simalee:** Ergaa akkaan gaarii ta'ee dha. Dhugumatti har'a mana kanattii ergaa qabna

**Dhaqqabaa:** yaa haxxitii

**Simalee:** Mee turi mee kanas dhageeffanna (Muuziqaan itti fufa)

Akka haadhaa akka obboleettii taatee

salphaatti akka haadha manaa taatee

Yoo mul'attu cal jedhamaa?

Lubbuu sadu baattee

Waliif yaannee Jaalalaan walitti harkifnee

Waloon hojennee

Gammannee waliin haa jiraannu

Gargar hin baanu

**Obsee :** Ayii simalee namattii toltaa bar eessa argattee?

Simalee : Bakka jiruuti

(Nii kolfuu)

**Dhaqqabaa:** Gara dubbii ijootti yaa dabarruu laata!

**Simalee:** Muuziqa seensaa akka nuuf ta'uuttii mitii!

**Dhaqqabaa:** waldabarsuun garuu hin jiru.

**Simalee:** Waliigalleerra. Tole Obsee eegali. Kuni garuu waldabarsuu miti

**Dhaqqabaa:** Eegalii

**Obsee:** Baayyee gaariidha. Eegaaakkuma beekkamu Baabaan ji'a torbaa dabree jira

**Simalee:** Galata. Ammaa nyaata daabalataa soorataa jira. Yeroo harma hodhuus qulqulliinni barbaachisu ni eeggamaafi?

**Obsee :** Siirriiti!

**Dhaqqabaa:** Saniisi ta'uu kunuunsa haadha isaa sirriiti isa barbaachiisa.

**Obsee:** Ni fudhadha. Simalee har'a wanti si mari'achiisu fi yaada akka nuuf kennitu kan barbaadne garaagarumman yaadaa tokko waan qabnuufi.

**Simalee:** Garaagarummaan yaadaa barabaraan yaa jiratu!

(Nii koolfu)

**Dhaqqabaa;** ilaa Simalee, Waadaan dhaabbata qusannoofi liqii irraa mallaqaan akka fudhanuu barbaaddi.

**Simalee:** maaliif?

**Obsee:** Asuma naannawa mana kootti mana mi'eessitu xiqqoo wayii eegaluufi

**Simalee** yaada gaariidha.

**Dhaqqabaa:** Anaaf garuu miti::

**Simalee:** sababaa?

**Dhaqqabaa:** sababaan tokko Waadaan hin jabaanne waan taheef

**Simalee:** gooftaa koo lammafaan hoo?

Dhaqqabaa : Inni lammafaan liqii deebisuu hin dandeessu jedheen sodaadheti.

Liqiicha kan fudhannu immoo kaartaa mana jirenyaa keenyaa qabsisneet.

**Obsee:** Bu'uuraarrraa maaliif deebii naaf hin kennitu jedhaa? Ani hojii hojjechuu hin danda'uu? Barnoota ogummaa jirenyaaaf barbaachisaa ta'e mala qusannaar barachuuf karoorfadheera.

**Dhaqqabaa:** Kun akka salphaatti moo?! Qabeenya ani umrii guutuu hojjedhee argadhe asiin gahe na gurgursiisuufi.

**Obsee:** Akkamittiakkana----(jecha jabaadhaan)

**Dhaqqabaa:** (ishee addaan kutee) na dhaggeeffadhu----(jecha cimaadhaan)

**Simalee:** Mee yeroo tokko ani gidduu keessan seenuu?!

(Obsee fi Dhaqqabaa walitti wacu)

**Simalee:** Yeroo tokko dhiifama naaf godhaa.

Duraan dursee Dhaqqabaan dafqa koo dhangalaasee akkas taheakkana tahee waan jecha jedhu sirreessi. Sababni isaas ati baatee Yoo hojjettellee Obseen hojii manaa fi ijoolee guddisuu irratti walgargaartaniiru.

Kanaafu waan waliin arganne jedhii sirreessi! Waliif gallee?!

**Dhaqqabaa:** (sagalee isaa gadi buuse) eeyyee

**Obsee:** mee akkasitti itti naaf himi. Yeroo hundaa wayitii waliin dubbannu keessa koo nadhiigsa.

**Simalee:** Obseen osoo galii qabaatte jirenya maatii fooyyessuuf gumaacha guddaa qaba.

**Dhaqqabaa:** Simalee dhiisi malee! Waadaan hoo?

**Simalee:** Maal rakkoo qaba kan hojjettu mana ishee keessatti! Si'illee sigargaartii bar. Wanti biraafi haasawa kee irratti natti hin tolle obseen hojjechuu fi bu'aa arggachuu hin dandeettu jettee murteessuudha. Maalif? Dubartii waan taateef? Ana ilaali. Liqeffadhee horii horsiisee aannan kireessa. Liqii deebisee amma Galataa koo gargaaraa jira. dubartii waanan ta'eef hojiin hin hojjedhu hin jedhu! Yeroon ani hinjirree ykn yeroo dahumsaa hojjetuun jirti. Kanaaf Obseen maaliif hin hojjetu? Maaliif kasaaraa keessa galti?

**Dhaqqabaa:** Isheen kan jettu qofa ta'uu qabaa?

**Simalee:** Waliin haasa'uu, waliin mari'achuu fi waldhagahanii bu'aa fi miidhaa isaa madaaluun waliin murteessuu wayya malee addatti murteessuun miidhaa qaba. Kana malees abbaan manaa fi haati manaa qabeenya maatii fi qabeenya maatii irratti mirga wal fakkaatu fi gahumsas qabu. Dhugumatti isheen akka hin

kasaarre leenjii fudhachuu qaba jechaa jirti. Kanaaf waliin haasa'aa. Marii godhaa murteessaa.

**Obsee:** Ee..... Dhaqqabaa?

**Dhaqqabaa:** Mee haasofnee murtoo haa goonu. Hangasii garuu haadha manaa koo waan osoo sihin hubatin hundaaf dhiifama naaf godhi!

**Obsee:** Haati manaa abbaa manaa gargaaru yoo turus dhiifama hin goone hin jirtu.

*Sirbi jalqabameen yaadaan deemeera.*

---- *maalifan adaba maalif gadda*

*Cina koo kan addunyaa kanaa. -----*

**ceesisa/back announcement/**

**Dubartoonni Murtoo Maatii Irratti Yeroo Hirmaatan Galiin Maatii Fi  
Akkaataan Jireenyaa Ni Fooyya'a.**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiiti Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa xiqqaa 21:- Kunuunsa Daa'immaniirratti Qooda Abbaa/Dhiirotaa Guddisuu

**Taatoota**

Simalee

Galataa

Obsee

Dhaqqabaa

**Seensa – muuziqaa cehumsaa**

Utubduu biyyaa jeechuun faaruu dubartootaaf farfamee ni jalqaba.

Link <https://youtu.be/M64lP5wFn4s>

.....Eeyyee ana gaaddisini manaa kiyyaa.

Kan lammii kiyyaa utubduu biyyaa.....

**Dhaqqabaa** : Muuziqaan har'aa adda

**Simalee**: Gaaddiisa Mana keenyaa utubduu biyyaa keenyaa akka taanee raga baha.

**Dhaqqabaa**: Yoom waakkannee?

**Obsee**: Kanaafuu dadhabbi keenyaa akka nutti salphatu gargaaramuu qabnaa mitii?

**Dhaqqabaa**: Wayita ija itti qistu si ilala jira

Abbaa warraa hin jiranii ree?

**Simalee:** Haati Warraa Akkana jedhan! Abbaan warraa Hojira jiru.(Sagalee olkaaftee) Abbaa warraa kiiyya qaalii keessummaatu sii eega. Yaa seenanii?

Dubartii utubaa biyyaa taate dha anii

Bara kootti biyya koof

**Galataa:** Yaa seenan. Abbaan warraa kee maal hojjetaa akka jiru yaa laalan.

(sagalee Kottee,utubaduu biyyaa kan jedhu muuziqaan duubaan sagaleen deemma jira.yaadaloо kun hanga mana seenaniiti olcaa'ee dhagahama.

**Dhaqqabaa:** .....Ishoo jaala kooakkatan ati mooqaa fi distii itti qabattee muxannoo akka qabdu raga sitti buhu

Galat: Nyaatini Rabbirraa qophaahaa jira.Aaddee Simaleen hojii biraahojjetu.Kanaafuu har'a nyaata Rabbirraa kan qopheessu qama isaa kan dhiqu gahee kiyyaa

**Obsee:** jaabaa! ilaali jaarsa kiyyaa.

**Dhaqqabaa:** Nyaata qopheessuun anaaf salphaadha.

**Simalee:** Maaltu sitti ulfaata ree?

**Dhaqqabaa:** Qaamma dhiquun natti ulfaata.Qaama isaa bishaan keessa kaayaanii dhiquun natti ulfaata.Waan qaamni miidhamuu yookan na harkaa kufu natti fakkaata.

**Obsee:** Maaliif hojii dubartii waan ta'eef?

**Dhaqqabaa:** Baradhee jiraa mii? Narraa hin baanee?

**Galataa:** Agartee dubartootni yeroo tokko tokkoo hojiin heedduun qabamanii cinqamu. Yeroo sanattii hojii isaanii hundaa isaan gargaaru ni dandeenya.Anis garaa haadha kiyyaa keessa yoon buhu hin barannee.

**Obsee :** Kanaafuu hin barsiifnee jechaa jirtuu?

**Simalee :** Akkas jechuu dha.

(Hunduuni kolfu)

**Obsee:** Beellama hin barbaachiisu. Jaarsi koo barachuuf qophii?

**Dhaqqabaa :** qophidha.

**Obsee :** Kanaafu har'a ni shaakalla .Akkuma ani qusannaa barumsa jirenyaa baradhetti.

**Simalee:** Kan adda taasiisu barsiiftuun sima tahuudha.

**Obsee:** Simalee sumatu galata qaba! Abbaan warraa daa'ima kunuunsuu irattii muuxanoon akka hin qabnee nu fakkeessu ,gaheen abbaa galii argamsiisuuqofa akka ta'e muuxannoo barsiisu nurra haqaa jirta.

Jaarsa barsiisuun mataa isaatti jaalala jedhiin.(ammalle hunduu ni kolfa)

**Dhaqqabaa:** Barumsi baayyee akka turu ni gorfama.

(ammas ni kolfa)

**Galataa:** Siritti itti qophoofna. Ijoollee keenya wajjiin taphachuu, mari'achuu, oduu durii fi seenaan itti himuu wanta akkamitti nama gammachiisudha. Amma immoo du artoota gargaaruun isaan hojii alaarraatti daran akka ciman tumsuu.

( sagalee Yaa'aa bishaanii fi baayicha daa'ima )

**Galataa:** Amma ammo gara daa'ima dhiquutti seenee.

**Dhaqqabaa:**(Sagalee rifaatuutiin ) suuta jedhi akka hin kufnee!

**Galataa:** Homaa miti yoo leenjitu ittii baratta. Akkanatti haadha manaa keenna gargaaraa adeemsa gola keessaa gara addababaayitti jabeessuu qabna.

Link <https://youtu.be/M64lP5wFn4s>)

----- Eyyen ana dibaabeen mana kootii

Dagalee antee kootii kan biyya kooti -----

- Ceesisa /back announcement/

**Abbootiin Ijoollee Guddisuu Fi Hojii Mana Keessaarratti  
Hirmaachuun Dhiibbaa Haadholii Hir'isuun Alatti Gammachuu  
Maaatiif Gumaacha Olaanaa Qaba.**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Kutaa Xiqqaa 22: - Abbootii/ Guddistoota Irraa Gahee Eggamu Cimsuu.

**Taatoota.**

Obsee

Dhaqqabaa

Jiituu

Daraartuu

## Seensa -instirumetii

**Dhaqqabaa:** Akkana hin wayyuu

**Obsee:** Qilleensi namatti tola!

**Dhaqqabaa:** Koottu garana daandii gidduudhaa bahi. Konkolaattonni immoo akkam ariifatu!

**Obsee:** Miilaan sosochii egan dhiisee bubbuleen jira.

**Dhaqqabaa:** Jijjiiramnii xiqqaan ni barbaachisa. Manaa gara buufataa, eegasii gara mana.

**Obsee:** Sana booda gara bufataa. (**ni kolfu.**)

**Dhaqqabaa:** Egasii gara manaa

**Obsee:** Dhugaa dha nama nuffisiisa. Akka ani itti gammade! Abbaan warraa koo bar! Isa dhiisii garana maxxanii mee.

**Dhaqqabaa:** Miilaan akkanatti sochaa'uun faayidaan fayyaaf qabu baayyeedha. Agartee haadha warraa koo anaafis Waadaa fi daaimman birootiif yeeroo keetii fi humna kee yeroo kennitu garuu of dagattee jirta.

**Obsee:** Sana irraatti jaalala keenya haaroomsaa deemna. Galatoomi abbaa warraa keeyya jalatamoo

**Dhaqqabaa:** Homaa miti

Obsee: Xiqqoo laphee kee hin dhiibnee ree?

**Dhaqqabaa:** Naan mala. Akkanatti qofaa keenya yeroo waliif qabaachuun keenya gaarii dha. Siifis akkasuma.

**Obsee:** Sirii keetii bar. Anaafis yeroon na barbaachisa. Sana irratti ammo hojiin eegaluuf.

**Dhaqqabaa:** Leenjiichi garuu akkam?

**Obsee:** Gaarii dha. Amma waa'ee qabiinsa mallaqaa, bu'aa fi kisaaraa akkasumas akkamitti hojii kana guddisuu akkan qabu beekeera.

**Dhaqqabaa:** Kanaafu of bashannansiisuun kun yeroo sirii dha jechaa jirtaa.

**Obsee:** waan akkasiiti. Keennaa keetiif si galatoonfadheera. Bareedinni kiyya sitti xiqqaatee (Kolfaa)

**Dhaqqabaa:** Akkasitti yaaddee? Ati anaaf haala kamuu keessatt barreeda tiyyaa.

**Obsee:** Beekeen. Keennaan Rifeensa ittin qabsiifatan naaf kenniite sirriitti nagammachiise. Rifeensa koo, fuula koo, walumaa galatti of kununsuun kiyya na gammachiisa.

**Dhaqqabaa:** Bareedduu fakkaachuun siif qofa osoo hin taane nuufis gaarii akka ta'e hin dagatin.

Obsee: Kanaafuu isinii jedheeti kaa!

**Dhaqqabaa** miti. Hundaa keenyaaf jedheeti.

**Obsee:** Maaltaate Dhaqqabaa na figsiftee! Suuta jedhi.

**Dhaqqabaa:** Fiiguun koo natti hin beekkamne. Kunoo suuta jedhee.

**Obsee:** Amma wayya. Argitee haadholiin tokko tokko of kunuunsuun ofittummaadha jedhee yaada. Garuu dogoggora.

**Dhaqqabaa:** Ani ragaa ijoodha. Harmeen of kunuunsuun gammachuu maatiiti. Ofitti amanamummaan ishee ni dabala. Hariiroon isheen ijoollee ishee waliin qabdu guddachaa deema. Haadholiin tokko tokko yeroo da'an of dagatu. Kun mataan isaa rakkoo hamaadha.

**Obsee:** Dhugaa dubbatte. Haati hundinuu yoo of kunuunsite, hanga dandeettu yoo ofif yeroo qabaatte ijoollee fi abbaa manaa isheetiifis gaariidha.

**DHaqqabaa:** Kanarra darbee haati manaa koo namoota ni jaallatti, namoota biroof ni yaaddi, dandeettii isheetiinis ni gargaarti, kanaaf fayyaan isheellee gaarii dha.

**Obsee:** Jirenyi yeroo hunda akka nuti yaadnetti deemuu dhiisuu danda'a. Yeroo kanatti komii baay'isuurra abdii gochuu, waan hunda garaatti qabachuurra namootaaf miira quoduun ana nagammachiisa.

**Dhaqqabaa:** Kan wayyu isa kana. Ta'u baannaan jirenyi yeroo nutti dukkanaa'u nama biraatiifis nagaa hin kenninu.

**Obsee:** Wanta sidinqu Narsiin yeroo dubbattu waa'eedhuma kiyya waan dubbattu natti fakkaateen dhaggeeffadhe

**Dhaqqabaa:** Amala keetiin dukkanarra ifa akka dursitu beekamaadha. Garuu haadholiin hundi dukkana ari'anii ifa sana galchuu qabu.

**Obsee:** Narsiin yeroo nu barsiistu of eeguu dhabuu fi aariin of qofa irratti hin hafu. Ofnyaacuun akka nama arrabsitu sigodha. Borii keenya akka

jibbinu nugodha. Jirenyaa jibbuu fi abdii dhabuu fida. Kun haadholiin hariiroo abbaa warraa fi ijoollee isaanii wajjin qaban ni balleessa.

**Dhaqqabaa:** Abbaan warraa yeroo haati manaa isaanii of kunuunsitu hin jaalanne ni jiru!

**Obsee:** Inaafanii ta'u kaa? (kolfuu)

**Dhaqqabaa:** Inni tokko kana. Haati manaa isaanii yoo of eegan, akka ofjaalatan, Ijoollee isaanii fi mana isaanitiif caalaa ofii isaanii qofaaf kan dhimmaman agarsiisa.

**Obsee:** Dubartoonni tokko tokko garuu akka waan abbaa warraa isaanii ykn haadha mana of hin kunuunsne mana isheef yaaddi yaada dogongoraa jedhu qabachuudhaan of gatu. Suuta suutaanis barachuudhaan amala godhatu.

**Dhaqqabaa:** Dhugaa keeti. Sijalaan fiigee? Maaliif dhaabbatte?

**Obsee:** Baay'ee waanan deemeef natti fakkaate.

**Dhaqqabaa:** Kanaafuu hamma kiisni koo danda'u sin affeera yoo naaf hayyamta ta'e. Yaa boqannuu!

**Obsee:** har'a yeroo meeqa keessatti affeerame! Natti muul'ata gaafatamee yoon affeerraa didu!

(kolfanii) .

-Ceesisa-

(Back announcemant)

## **Haadholiin Fayyaa Qaamaa Fi Xinsammuu Isaanii Eggatanii Of Kunuunsan Ijoollee Fayyaa Ta'an Guddisuu Ni Danda'u!!!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuunivarsiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafii Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

Haadholiin Gargaarsa Firoottan Isaanii Dabalachuun Dandeettii Guddisa  
Daa'immanii Isaanii Haa Guddisnu(Ispoot 23- 24)

Kutaa Xiqqaa 23:- Warri ijoollee kunuunsuun fi itti gaafatamummaa hojii manaa keessaa bahuutiin warra isaanii, ollaa fi namoota naannawa isaanii akka fayyadan gargaaruu.

### **Taatota**

Obsee

Dureetti (Akkoo ijoollee: haadha Obsee)

Obsee

Simalee

Barsiisaa Tolaan

Galataa

Dhaqqabaa

Jiituu

Fatiyaa

Amartii

### **Seensa meeshaa muuziqaa.**

**Jiituu:** Harmee akkaataan hammannaan kootii akkami?

**Obsee:** Miila isaa rarraastera. Sirritti walitti qabiitii hammadhu.

**Simalee:** Wal gargaaruunis waan gaariidha. Ijoolleen gurguddoonaan, akka akaakayyuu dureettii fi firoottan biroo, yeroo tokko tokko ollaan illee hojii manaa irratti haadha gargaaru, daa' imman kunuunsuun isiniif jirra yeroo nuun jedhan, nuti wantoota biroof yeroo arganna.

**Dureettii:** Dhugaadha ijolleekoo. Ijoolleen umuriin isaanii guddaa ta'e yeroo hunda fedhii ijolleesaanii xixinnoo kunuunsuu qabu. Haa ta'u malee, beekumsas isaan barbaachisa.

**Simalee:** Daa'imman balaa irraa eeguu, taphachuu, rukutuu dhiisuu, yeroon isaan deemsaaf ga'an akka deeman leenjisuu, ijolleef sirbuu fi akka sirban jajjabeessuu, sochii qaamaa waliin hojjechuu, qubee lakkoofsisuu, naannoo isaanii akka

sakatta'an jajjabeessuu fi beekumsa biroo guddina daa'imaaf faayidaa qabu beekutu irra jiraata.

**Dureettii:** Maarree, eenyutu beekumsa kana kennaaf?

**Simalee:** Waanan baradhee fi waanan beeku itti himuu nan danda'a. Atis Abbaan isaanis Hundi keenya beekumsa kana akka argatan yoo goone waan guddaa dha.

**Jiituu:** Waadaa koo hammachuun akkam namatti tola! Yeroo abbaan mana jirus akkasitti isa hammata. Ni dhiqa. ni soora.

**Simalee:** Atis gammachuudhaan isaan kunuunsa jirta. Garuu ijoollee xixiqqoo irrattis dhiibbaa baay'isuu hin qabnu. Hamma dandeesse gargaarta. Sana irra darbee beekumsas si barbaachisa.

**Jiituu:** caalaatti beekuu nan natti tola. Yeroon guddadhu sirritti nan gargaara mitii?

**Obsee :** Eeyyee. Obboleewan fi obboleettonni gurguddoonni gargaaruu qabu.

**Dureettii:** Jiituu koo amma Waadaa natti kennii. Hanga bakka yaada isaanii ga'anii dhufanitti ani isaaniif jira.

**Obsee :** Ogeessi hanga ammaatti hin dhufnee?

**Simalee:** Mee ilaala. (pause) Walitti qabamaa jiru.

**Obsee:** ka'i haa deemnu. Dhufaan jira harmee koo.

**Dureettii:** homaa hin yaadin. Hoosiftee jirtaa mitii. Yeroo beela'u nyaata dabalataa nan nyaachisa. Ufata fincaanii issas nan jijiiraaf. Yeroo tokko tokko akkan si guddiseeyyuu ni dagattaa.

**Obsee:** Hin dagadhu harmee koo.

-Ceesisa -

(Sagalee namootaa ni dhagahama)

**Simalee:** (Sagalee wacaa gidduutti) Har'a namoonni hedduun ganda keenya irraa dhufaniiru.

**Obsee:** Waan nama ajaa'ibu mitii! Namni hafe hin jiru! Barsiisaa Tolaan, Haaji Huseen, Paastar Addunyaan, Abba guddaan faanti, fi jaarsoliin biyyaa gurguddoон biraas argamaniiru.

**Simalee:** Baayyee namatti tola. Dhiironnis akkasuma. Kan keenyas kunno mukkeen duuba jiru.

**Obsee:** Maarree dhimma hunda keenyaati mitii? Kan keenya nuti waan hedduu dursinee isaan beeksifneerra.

**Simalee :** (Kolfaa) Waan baranne akka isaan barsiifne hin argituu?

**Obsee:** (isheenis kolfaa) Kan barate yaa barsiisuu qaba jedhamaa mitii?

(Waca gidduutti) .

**Amartii:** Yeroo tokko walaa dhaggeeffannu (wacni hirrachaa deema) Baayyee gaariidha. Abbootiin, haadholiin, obboleeyyan koo dursa baga nagaan dhuftan. Baga wal argine. Har'a dhimmi ijoon irratti wal-geeny'e hojiin haadholii yoomiyuu salphaa waan hin ta'iniif warri as jirtan hundi mana keenya keessatti, ollaa keenyaa fi naannoo keenyatti akkamitti isaan gargaaruu akka dandeenyu haasofna. Yaadni yoo jiraate carraa nan kenna. Tole barsiisaa

Barsiisaa Tolaa: Kun dhimma guddaadha. Nuti abbootiin amantii fi maanguddoонni biyyaas ijoolleen durbaa keenya akka nu jalaa miidhan hin barbaannu waan ta'eef, nuti gammadhoodha? Mitii Haaji? (harka rukutuu)

**Amartii:** Baayyee namatti tola. Dursa Abbootiin waa'ee kanarratti maal jettu?

**Galataa:** Haadha manaa koo ijoollee guddisuu irratti gargaaruun faayidaa koo fi maatii waliigalaa akka ta'e nan hubadha. Namoota biraas nan gorsa. Ani Haadha manaa koo gargaaraa waanan jiruuf isheen immoo galii maatii guddisaa jirti. Hojii mana keessaa nyaata bilcheessuu irraa kaasee hanga mana qulqulleessuu fi daa'ima dhiquutti nan gargaara. Hojiin kan walii keenyaati. Ijoolleenis immoo kan isaanii qofaa miti. Kan walii keenyaatidha.

**Amartii:** Baayyee gaarii dha. Abbootii fi ijoolleen dhiiraa angafni, firoottan mana keessa jiranis guddina daa'immanii keessatti haadholii gargaaruu qabu. Sababni isaas haati dhiibbaan qaban guddaadha. Mana keessa qofatti hidhamtee taa'uu qabdu. Yaada biraan qabduu? Tole, Fatiyaa

**Fatiyaa:** Obboleetii, koo duraan kan ijoollee kunuunsu ollaa fi jiraattota naannoo hunda ture jedhama. Kun sirrii ture jettanii yaaddu?

**Amartii:** Tole, Barsiisaa Tola waan dubbachuu barbaaddantu jedhutu jiraa.

**Barsiisaa Tolaa:** Ilma koo! Yeroo sanitte ijoolleen hundu kan gandaa turan. Yeroo isaan balleessan arginu isaan lolla. Isaanis hunduma keenyaaf ergamaa, nu kabajanii ture. Osoo ta'ee akkana ture. Amma hunduu mana isaa cufatee jira. Kan yeroo kan yeroo sanii mee na dhiisi! Haati takka yoo deessu ulmaa kan baasuu namoota gandaa hundumaadha. Dabareen mana qulqulleessaniti Waan nyaattu ni qopheessudhaani.

**Amartii:** Sirrii jettan Abbaa koo. Isa kana ammallee deebisuun danda'a. Qixuma saniin isin warri amma jirtan isaan ni caaltu. Akkasii mitii?

**Simalee:** Eeyyee. Kanaan dura abbootiin ijoollee isaanii kan hammatan erga guddatanii booda ture.

**Obsee:** Kanaafuu, waan gaarii gaarii qofa filannee yoo fudhanne hin wayyuu obboleettii koo?

**Amartii:** Dhugaa dubbatte Obsee. Bara bararraa waan gaarii fudhachuudhaan haadholii gargaaruudha. Olloonni walii tokko yoo hojii qabaate inni kuun daa'ima waliif kunuunsaa. Kun baay'ee bu'aa qaba. Ijoolleen keessan gurguddoonis akka dandeettii fi yeroo qo'annoo isaanii himiinetti haadha isaanii yoo gargaaran isaaniifis beekumsa dabalataa ta'a. Isin maal jettu?

**Galataa:** Hojii akkamii irratti wal-gargaaruu akka qabnu yoo haasofne hoo?

**Amartii:** Kun gaarii dha. Mee yaada kennaa.

**Obsee:** Daa'imman naannoo keenya jiran hundaaf xiyyeffanna kenuudhaan balaa irraa eeguu dandeenya. Akkasumas yeroo amala hin malle agarsiisan gorsuu dandeenya.

**Amartii:** Qabxiilee baay'ee barbaachisoo ta'an kaafte. Akkasumas mana daa'immanii itti tursiisan qopheessuun dabareedhaan daa'imman kunuunsuun ni danda'ama. Qaroominni jedhamu tokko kana.

**Dhaqqabaa:** Sirriidha. Gargaarsa barnootaa nuuf gootaniif hedduu galatoomaa.

### Ceesisa – Back announcement

**Maatiin, Ollaan, Walumaa Galatti Haadholiin Fi Dubartooni  
Naannoo Dhiibbaa Haadholii Biroo Salphisuun Naannoo Fayya  
Qabeessaa Fi Guddina Daa'immaniif Gumaacha Haa Goonu!**

Ergaan kun kan isiniif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartootaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiiti Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.

### **Fayyummaa Warraa/Guddistootaa Eegu Fi Hariiroo Hawaasummaa Gabbisuu**

Kutaa Xiqqaa 24: - Abbootii Amantii Dabalatee Hoggantoota Hawaasaa  
Hirmaachisuun Fayyaa Sammuu Haadholii Eeguu

#### **Taatota**

**Amartii** (ogeettii guddinnaa fi kunuunsa daa'immanii)

#### **Obsee**

#### **Simalee**

#### **Dhaqqabaa**

#### **Galataa**

#### **Barsiisaa Tolaa**

#### **Muuziqaa seensa**

(Mana warra obsee fa'a keessa Barsiisaa Tolaa fi obsee)

**Barsiisaa Tolaa:** Egaa hundi keessan nagaadhaa mitii? Obboo Gabbisaa hojiin hoo gaariidhaa?

**Obsee:** Galata waaqaa Abbaa keenya nagaa jirra. Kadhabannaan keessan kun baay'ee na barbaachisa abbaa koo. Kanaaf isin waame.

Barsiisaa Tolaa: "Egaa maal abbaa ta'eera ilma koo?" Gaarii goote.

Daa'imnilleen guddachaa jira. Ishoo leenca koo. Ejarraa si yaa hambisu mucaa koo. Guddadhu.

**Obsee:** Abbaa koo ani jidduu kana sirrii miti. Akkanumaan na dhiphisa. Hirribnis nadideera. Akkanuman na sodaachisa.

**Barsiisaa Tolaa:** Ilma koo maaltu si mudate? Maal abbaasaa kan Waaqayyoo caalu hin jiru!

**Obsee:** Lakki abbaa, waan ta'e naaf hin galle. Akkanumaa na yaaddessa. Gidduu kana innis akkanumaan dafe dafee dallana. Akkuma argitan jirenyi samii ga'eera. Wal gargaaruuf jedhee hojii xiqqoo jalqabee ture. Akkan barbaadetti hin taane. Abbaan akkasitti jirenyi yoo itti fufe ijoollee koo maal nyaachisa kan jedhu na yaachisa abbaa koo?

**Barsiisaa Tolaa:** Yaa mucaa koo. Nuti caljennee dadhabna akkasumas dhiphanna malee nuti waadaa isaan jiraanna. Qoonqoo ofi isaatii bane ofumaa cufa ilma koo. Kitaabni maalif dhiphatu jedhee simbirroota samii fakkeenya fudhachuun kan nutti himuu kanumaa mitiiree? Egaa yoomiyyuu akka namaatti yaaduu dandeenyaa. Garuu kan raawwatu Gooftaa lafaa fi samii ti.

**Obsee:** Dhugaa dubbatte yaa abbaa. Nuti garuu ilma namatii mitiiree.

**Barsiisaa Tolaa:** Ilma koo dhiphina kana hunda namoota irratti kan fidaa jiru Seexana dha. Seexanni amantii fi kadhannaan mo’amuu danda’aa. Inni nu’i ijoollee isaa hin gatu. Garmalee yaadda’uun faayidaa hin qabu. Obboo Gaaddisaa hoo waliin haasoftee? Waan isa dhiphisaa jiru gaafadhaa irratti mari’adhaa yaa mucaa koo.

**Obsee:** Anilleen akkan isa hin dhibneef jedhee homaa hin dubbannen.

**Barsiisaa Tolaa:** Kun sirrii miti ilma koo gaafa namatti himtu salphata. Garaagarummaan yoo jiraate haasa’uudhaan ni furama. Obboo Galataa wajjin haasa’aa. Seexanni itti yaadee gidduu seenee yeroo tokko tokko hamaa nutti dubbata. Rakkoo keenya akka hin furre arraba keenyas fayyadama. Yeroon isaa ga’eera ilma koo. Haa ta’u malee yeroodhaaf hammeenyi kan mataa isaa qaba. Waaqayyo waan qabnuuf hin sodaannu. Waaqa tarkaanfii keenya hunda hordofu qabna. Hin sodaatin.

**Obsee:** Abbaa koo, yoon isin waliin haasa’uu naaf salphata.

**Barsiisaa Tolaa:** Maarree abbaan kee ta’uun maalif? Karaa Uumaa yoon hin agarsiisne maal fayyadaan koo? Ilma koo yeroo dhiphatu namoota waliin mari’adhu. Kadhadhu. Seexanni yaa qaana’uu.

**Obsee:** Baay’ee isin galateeffadha abbaa koo. Akkan jettan nan godha. Nyaadhaa taphadhaa Mee ciree isiniif dhiheessa.

- Ceesisa –

(Fatiyaan deessee, namoonni naannichaa walitti qabamee jira. Bunni danfee dhugaa jiru)

**Fatiyaa:** Maali wajjiin dadhabdanim. Buufata fayyaadhaas gara manaa.

**Obsee:** maali atuu baga nagaan deesse malee. Nuufis gaariidha. Yeroo hojiin qabamnu yaadnillee ni salphata.

**Simalee:** Waan siistariin jette dhageessertaa. Gaafa akkasitti wal jaallannu jaalalli keenya ni dabala. Gammadaas taana.

**Fatiyaa:** Innis waan nama gammachiisudha. Harmeenis jiru. Garmalee hin yaadda'inaa.

**Obsee:** Abbaa isinis taphadhaa.

**Barsiisaa Tolaa:** Tole ilma koo. Waa'ee da'umsa ishee yeroon dhaga'u gonkumaa hin hafu jedheen as dhufe.

**Fatiyaa:** Galatoomi Abbaa koo. Mee akaayii kanas qabadhaa.

**Simalee:** Kana qabaa kaa barsiisaa. Obsee koo, bunni kee dhufaa jiraa?

Barsiisaa Tolaa: Taa'I malee hin ka'ini anuu na fudhadha.

**Obsee:** Bunnis amma ni dhufa.

**Barsiisaa Tolaa:** Akkasitti wal gargaaruun keessan gaariidha. Yeroo gaarii fi hamaattis addaan hin ba'inaa. Yeroonis hammaataa dhufe. Amma kan gara gandaa olii jiru sun. Abbaan manaa ishee hojjetaa mootummaa kan turee fi dhiheenya kana du'e?

**Fatiyaa:** Abaaboodhaa?

**Barsiisaa Tolaa:** Ee - - - eeyyee isheedha. Erga abbaan warraa ishee du'aan boqotee booda nagaa hin qabdu. Akkuma beektan haadha ijoollee 6 waan taateef jireenyis itti ulfaate. Maarree mana ishee cuftee osomaa dhiphattuu kunoo kaleessa dhukkubee mana yaalaa geessani.

**Obsee:** Miskiina namaa! Anaa anaa haadha koo! Dhukkuba sammuu ta’uu hin oolu?

**Barsiisaa Tolaa:** Dhukkuba sammuti. Yoomiyuu Uumaan furmaata malee waan tokkollee hin uumne. Yaaddoon waan cimaadha ijoollee koo. Keessattuu haadholiin waan baay’ee yaadda’an qabu. Garuu Seexanaaf fuula hin kenninaa. Waaqayyo immoo ba’aa keessa narraatti gataa jedha. Dhugaadha. Dhiphatee dheerinna isaarratti waan xinnoo kan dabale eenyutu jira?

**Simalee:** Ta’us osoo wal’aansa argachaa jiraattee ta’e immoo gaariidha. Amma kan nama dhiphisuufi yaaddessutu baay’ate.

**Barsiisaa Tolaa:** Kadhannaan furmaata. Namni kamuu akka amantaa isaatti kadhachuu qaba. Akkasii mitii harmee Fatiyaa?

**Fatiyaa:** Sirriidha. Kadhanna fi du’aa gochuun gaarii dha.

**Obsee:** (sagalee buna tumuu) Bunni danfeera.

**Simalee:** Afachu ani isaaniif kenna. (Sagalee Kootee)

-Ceesisa –

(Gaaddisa mukaa gandaa jalatti ummanni naannoo, maanguddooni, abbootiin amantaa fi kanneen biroo walitti qabamaniiru)

(Iffektiin alaa ni dhagahama – sagalee konkolaataa fagoo jiru, darbee darbee simbirroonni wacan)

(Abbootiin amantaa fi jaarsoliin naannoo dursa haasaa godhu jedhamee yaaddama. Galataan filannoo ummataan saganticha ni dursa)

**Galataa:** Kabajamtoota hirmaattota akkuma dhageessan sagantaa har'aa waan abbootiin amantaa fi maanguddoonti naannoo keenyaa dubbataniin banneera. Amma immoo ogeessa kuuunsa fi guddina daa'immanii Amartii jedhamtu nan afeera.

**Amartii:** Baay'ee galatoomi. Akkuma abbootii fi haadholiin koo jaallatamoonni jedhanitti walitti qabamnee haasa'uun rakkoo keenya beeknee furuuf nu gargaara. Keessattuu, walitti dhufuu fi haasa'uun fayyaa sammuu haadholii fooyyessuuf gumaacha guddaa qaba. Haadholiin rakkoo sammuu akka isaan hin mudanneef geggeessitoonni amantaa fi namoonni naannoo biroo gorsuu fi rakkoo waliin furuun gumaacha taasisuu danda'u. Haadholiin fayyaa sammuu isaanii eeguuf haadholii birootti dhihaachuu, yeroo ofiif kennuu, wantoota isaan gammachiisan hojjechuu, yeroo daa'imni rafee boqotu boqochuun faayidaa qaba. Garuu keessumaa namoota birootti dhihaachuun miira dhiphina isaanitti dhagahamu namoota biraa wajjiin haasa'uun faayidaa qaba. Haadholiin yeroo dhiphatan hundatti ijoolleen keenyas dhiphachuun dhukkubsachuu danda'u. Kanaaf haadholiin akkaataa uffanna Isaanii fi karaa biraatiin of eeguu qabu.

**Amartii:** Akkasitti walitti dhufuu keessan faayidaa hedduu qaba. Hawaasa keessatti mariin yeroo yeroon taasifamuun barbaachisaadha. Waa'ee ijolle keessanii, jirenya keessanii, naannoo keessanii haasa'uu fi rakkolee waliin furuu dandeessu. Walgahii naannoo akkanaa haadholiin geggeessuu dandeessu. Yeroo kee wanta gatii qabu irratti dabarsuutu si gammachiisa. Itti quufinsa xiinsammuus qaba. Fayyaa sammuufis baayyee barbaachisaadha.

**Dhaqqabaa:** Ogummaa kunuunsa fi guddina daa' immanii kana keessatti waan baratte, kan biyya keenya keessatti hin baratamne waan nuuf qooddeef maqaa jiraataa kanaan galata guddaa qabda.

**Barsiisaa Tolaa:** Ijoolleen koo yeroo hunda waan tokko jalqabumarraa jedhamaa mitii. Akkuma Haaji Huseen fi Paastar Addunyaan yeroo sagantaa kana eebbifnu jedhan barumsi isin barattan onnee keenya seeneera. Amantii keenya hundaanis kan deeggaramuudha. Dhiiraa fi dubartiin wal-gargaaruu Kana ni deeggarra. Sirra ana wayya, anarra siwayya jechuun waliin jiraachuun barbaachisaadha. Ijoollee isa tokkoo akka kan ofiitti ilaaluun ganda keenyattis wal deggeruu qabna.

Obboleettonni keenyas haadholii waan ta'aniif dhukkuba sammuu fi kan biraa irraa isaan eeguuf waan dandeenyu hunda ni goona. Abbootiin amantaa fi jaarsoliin biyyaa gorsuurraa jalqabee obboleettota keenya ni gargaarra. Akkasi mitii Haji Huseen fi Paastar Addunya?

(harka yeroo dheeraaf rukutuu )

### **Riqicha - /baak announcement/**

Ollaa, jiraattota naannoo, abbootii amantaa fi namootni biroo fayyaa sammuu haadholii gorsa laachuuni fi haala xiinsammuuf mijataa uumuun haa gargaarru!!

Ergaan kun kan isimiif dhihaate Tumsa Ministeera barnootaa, Ministeera Fayyaa fi Ministeera Dubartoottaa fi Dhimmoota Hawaasummaatiin yoo ta'u UNICEF deeggarsa maallaqaan, Yuuniversiitii Finfinneetti Giddugalli Baranootaafi Kunuunsa Da'imani immoo deeggarsa ogummaan hirmaatera.